

**WAALLEE DUBBII IJAARSA EENYUMMAA KEESSATTI:
QAACCESSAFAYYADAMA
AFAANIIHORDOFTOOTAQAALLUU DUUMESSAA**

TAADDALAA BIRRUUTIIN

**YUUNUVARRSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJII NAMOOMAA,
QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE**

**WAALLEE DUBBII IJAARSA EENYUMMAA KEESSATTI:
QAACCESSAFAYYADAMA
AFAANIIHORDOFTOOTAQAALLUU DUUMESSAA**

TAADDALAA BIRRUUTIIN

GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PhD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFIOGBARRUUBARSISUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUF
FOOKLOORIIFDHIHAATE**

**YUUNUVARSIIITI ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA,
QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019
FINFINNEE**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, barsiisuuf guuttachuu Taaddalaa Birruutiin mata Duree: Waallee Dubbii Ijaarsa Eenyummaa Keessatti Qaaccessa Fayyadama Afaanii Hordofoota Qaalluu Duumessaa jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Axereera

Qorannoon kun “Waallee Dubbii Ijaarsa Eenyummaa Keessatti Qaaccessa Fayyadama Afaanii Hordoftoota Qaalluu Duumessaa” kan jedhu yoo ta’u, kaayyoon qorannaa kanaas waallee dubbii ijaarsa eenyummaa keessatti fayyadama afaanii Qaalluu Duumessaafi hordoftootaa qaaccessuu kan jedhu ta’a. Haaluma kanaanqorataan kunis daangaa weedduufi himtee (dubbii Waaqaa) Qaalluu Duumessaa taasisuun, waallee dubbii ijaarsa eenyummaa amantootaa haala fayyadama afaanii irratti mala akkamtaatti dhimma bahuun ibsamee jira. Meeshaalee funaansa ragaa keessaa immoo kan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gaha jedhamee yaadame waraabbiisagalee, daawwannaaafi afgaaffiitidhimma bahamee jira. Ragaaleen weedduu Qaalluu Duumessaafi himtee(dubbii Waaqaa) Ayyaantuurraa waraabbi sagaleetiin argame of eeggannoon gara barreeffamaatti deebisuun qindeeffamee qaaccessameera. Argannoo qoratichaas, fayyadamni afaanii hordoftoota Qaalluu Duumessaa agarsiisu kallattii garaagaraan mul’atanii jiru. Isaanis: Fayyadamni afaanii kadhannaan amantootaan gaggeeffamu akka fala rakkoo tokkoof furmaata ta’utti fudhatamuun hubatamee jira. Jechamoonnifi malleen dubbii weedduuwwan Qaalluu Duumessaa keessatti dhimmi itti bahaman kan humana qabaniifi ergaa dachaa of kessaaqaban waan ta’eef, guddina aadaa, duudhaafi ogbarruu Oromoofgumaacha guddaa taasisuun hubatameera., Fayyadamni afaanii warra qaalluu Duumessaa keessatti mul’atu walitti dhufeenya amantootaafi amantii kan ijaaruufi cimsu ta’uu hubatameera. Fayyadamni afaanii eenyummaa amantootaa ibsan namummaa namootaaf kabaja kan kennaan; walitti dhufeenya amantootaafi amantii kan dagaagsan; ulfina waaqayyoofi qaalluu kan ibsan; tokkummaafi walqixxummaa namootaa kan agarsiisaniifi barsiisan, namoota gaddarraa, sodarraa, dhiphuufi kan kana fakkaatan irraa kan boqochiisaniifi waan gaariifi tasgabbi kennuuf kan keessatti uumaan, safuu amantootaafi amantii kan eegan achi keessatti argamuun qorannoo kanaan bira gahameera. Yaboon qorataan kun kaa’uus fayyadamni afaanii warra qaalluu kanaa guddina ogbarruu Oromoofi walitti dhufeenya uummatootaa keessatti gahee olaanaa waan qabuuf qaamni dhimmi ilaalu hundi deeggarsa barbaachisaa ta’e gochuufii qabaan dhaamsa qoraticha kanaati. Dabalataanis, walaloon dalaga warra qaalluu Duumessaafi himteen (dubbiin Waaqaa) barreessitootaan bifa ammayyaan galmaa’ee qabiyyee barnootaa keessatti hammatamuu qabaan dhaamsa qorataan dhumarratti kaa’udha.

Galata

Hojii kana hojjadhee akkan fiixaan baasuuf nagaaafi humna naaf kennuun nagargaare Waaqayyoof galanni koo olaanaadha.

Itti aansuun gorsaa kookan ta'an Dr. Addunyaa Barkeessaa ogummaa qaban osoo hinqusatiin milkaa'ina qorannoo kanaaf jalqabaa kaasani hanga dhumaatti osoo dadhabe hinjedhiin kan naqajeelchaa turan guddaan galateeffadha.

Kana malees haadha manaa koo Loomituu Itichaa fiixaan bahiinsa qorannoo kanaaf gumaacha yaadaafi humnaan nabira dhaabbachuun hir'uu koo naaguutuun milkoomina hojii koof gargaarsa naagooteef galannikoo guddaadha.

Gama biroon immoo hiriyyoonni koo hojii kana keessaatti bu'aa bahii garaagaraa keessatti ogummaa qaban osoo hinqusatiin nabira dhaabbatan: Araarsaa Kabbadaa, Tasammaa Aagaafi Waaqumaa Waamiin baay'een isaan galateeffadha.

Jibsoo

Jechoota Hiika Haaraa Qaban

Galma/Gimbii →mana waaqeffannaan qaalluu keessatti gaggeeffamu

Furda→ hiroo/utubaa mana galma qaalluu keessaa (iddoo dhibaayyuu)

Dalaga →weedduu ykn jeekkarsa Waaqa ittiin waammatan

Waallee→waalleen karaa ittiin dhugaa jiruufi jireenya keessatti mul'atu hubannu, akka itti fufu goonuufi baasnudha.

Warajoo hidhachuu→dhibee nama qabe tokko wayitti ofirraa haquu jechuudha.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereera.....	i
Galata.....	ii
Jibsoo.....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1. Ariirrata.....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa.....	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	5
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7. Seena Gabaabaa Waa’ee Ayyaana Qaalluu Warra Duumessaa.....	5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU	6
2.1. Seensa.....	6
2.2. Amantii.....	7
2.2.1. Akaakuu Amantiifi Falaasama Isaanii.....	7
2.2.2. Eenyummaa Amantiifi Amantootaa.....	12
2.2.3. Kanneen Eenyummaa Amantiifi Amantootaa Ijaaran.....	12
2.2.3.1. Kadhaa Waaqaa.....	12
2.2.3.2. Jeekkarsa /Weedduu.....	13
2.3. Waallee (Discourse).....	14
2.3.1. Akaakuu Waallee.....	15
2.3.2. Ilaalchaafi waallee.....	16
2.3.3. Waalleefi Aangoo (Discourse and power).....	17
2.3.4. Malleenya Qaaccessa Waallee (Approaches To Discourse Analysis).....	17
2.3.4.1. Waallee Akka Dalagaa Hawaasaatiin (Discourse as Social Practices Approach).....	18
2.3.4.2. Waallee akka Hubannoo Hawaasaatiin (Socio-Cognitive Approach to Discourse Analysis).....	18
2.3.4.3. Waallee Akka Seenaatti (Historical Discourse Analysis Approach).....	19
2.3.5. Waallee Amantii (Religious Discourse).....	19

2.3.6. Fayyadama Afaanii Amantii Keessatti	21
2.3.7. Barruu Wal Fakkii	22
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA	25
3.0. Seensa	25
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	25
3.2. Mala Qorannichaa.....	25
3.2.1. Madda Ragaalee.....	26
3.2.2. Mala Iddatteessuu	26
3.2.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee	26
3.2.4. Mala Qaaccessa Ragaalee.....	28
BOQONNAA AFUR: DHIYEESAAFI QAACCESSA RAGAALEE.....	29
4.0. Seensa	29
4.1. Fayyadama Afaanii	29
4.2. Qabiyyee Afaanii Hordofoota Qaalluu Duumessaa.....	30
4.2.1. Weedduu Keessatti	30
4.2.2. Fayyadama Afaanii Qaalluu Duumessaa Himtee (Dubbi Waaqaa) keessatti	33
4.2.2.1. Fayyadama Afaanii Fayyina Dhaamsa Waaqayyoon Himamuun walqabatu	33
4.2.2.2. Fayyina Fala Warajoo Hidhachuun argamu	35
4.2.2.3. Fayyina Qoricha Habashaa Kennuun Wal Qabatu	36
4.2.3. Fayyadama Afaanii Malleen Dubbi Keessatti	37
4.2.3.1. Bakkasaa	38
4.2.3.2. Ateessa	40
4.2.3.3. Mitihee	41
4.2.3.4. Irra Deddeebii (Fakkoo).....	42
4.3. Ga'ee Afaan Eenyummaa Ijaaroo Keessatti Qabu.....	43
4.3.1. Fayyadama Afaanii Eenyummaa Waaqaa ijaaran	43
4.3.1.1. Gargaaraa Dhala Namaa	43
4.3.1.2. Danda'aa Waan Hundaa	44
4.3.1.3. Tiksee Dhala Namaa	45
4.3.2. Fayyadama Afaanii Aangoo Waaqayyoo Mul'isan.....	46
4.3.2.1. Fayyadama Afaanii Aangoo Haadhummaa	46

4.3.2.2. Fayyadama Afaanii Aangoo Abbummaa Waaqayyoo Mul'isu	47
4.3.2.3. Aangoo Qajeelchuu/Sirreessu	48
4.4. Waallee Dubbii Hordoftoota Qaalluu Duumessaa Keessatti Hariiroo Waaqaafi Amantootaa Gidduu Jiru Mul'isan.....	50
4.4.1. Irraa Jalummaa Waaqayyoofi Amantootaa Ibsuuf	50
4.4.2. Hariiroo Fayyadama afaanii Abbummaafi Mucummaa ijaaran.....	51
4.4.2.1. Waallee Dubbii Hariiroo Mucummaa Mul'isan	51
4.4.2.2. Waallee Dubbii Hariiroo Abbummaa Mul'isan.....	52
4.4.2.3. Fayyadama Afaanii Hariiroo Obbolummaa mul'isan.....	52
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	54
5.1. Cuunfaa	54
5.2. Argannoo.....	55
5.3. Yaboo (recommendation)	56
WABII.....	57
Dabalee (A).....	60
Dabalee (B)	62
Dabalee (C)	64
Dabalee 'D'	67
Dabalee 'E'	69

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Seensi boqonnaa kanaa, mata dureelee xixiqqoo boqonnaan kun of jalatti hammachuu danda'ukanneen akka ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, daangaa, barbaachisummaafi hanqinni qorannichaa akkasumas ibsi seenaa gabaabaa warraQaalluu Duumessaas walduraa duubaan as jalatti dhiyaataniiru.

1.1. Ariirrata

Afaan tajaajila hawaasaa keessatti gahee olaanaa qaba. Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta'ee kan namoonni iddoowwan gara garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha. Dhimma kana ilaalchisee hayyuun Hudson (1996: 230) yoo ibsu, "The social functions of language are the ways in which we use language to give our view of our relationships to other people." jedha. Akka yaada kana irraa hubanutti afaan tajaajila hawaasaa keessatti karaa yaada keenyaa ittiin ibsannuufi hariiroo namoota biroo waliin qabnu ittiin cimsannudha. Dabalataanis waa'ee afaanii ilaalchisee hayoonni (Hodge and Kress,1993) akka ibsanitti, Afaan kan dhalli namaa hawwii, fedhiifi yaada isaa mallattoolee adda addaatti gargaaramuun ittiin ibsatudha jedhu. Kana irraa kan hubannu, afaan handhuura jireenya ilmaan namaa ta'uu isaafi namni miira isatti dhagahame jaalala, jibba, gadda, gammachuufi kan kana fakkaatan afaaniin ibsata. Afaaniin gochaawwan sammuu isa guddaa ta'uun waa'ee achii as dhufaatii keenyaa maal akka taane, akka nam-tokkeetti, akka hawaasaatiifi akka aadaatti kan nuti ittiin of ibsinnuudha.

Haalli fayyadama afaanii iddoowwaniifi akkaataa dhimma itti bahan irratti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaan haala fayyadama afaanii ilaalchisee, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa'ee garaagarummaa looga fayyadamuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama.

Namoonni haala jireenya isaanii irratti hundaa'anii fayyadama afaanii kanneen akka: bakka daldalaa, waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa, mana yaalaa, bakka taphaa, dirree lolaa, dirree siyaasaa, mana amantaa, mana nyaataafi dhugaatii, mana murtiifi kan kana fakkaataan keessatti haala garaa garaatiin afaanitti fayyadamu. Uummanni Oromoos dhimmoota olitti eeraman kana afaan isaatti gargaaramuun dhimma ittibahaa turuun isaa nibeekama. Haaluma kanaan dhimma amantii uummata Oromoo yoo ilaalle, uummanni Oromoo baroota dheeraa

darban keessatti afaan isaatti gargaaramuun amantii Waaqeffannaa duudhaasaa ganamaa ibsu waaqeffataa turuun isaa nibeekama. Haalli dhugeeffatni amantiin kun ittiin raawwatamu keessaa inni tokko sirna dhugeeffata Qaalluuti. Qaalluu jechi jedhu Ayyaantummaadhaan kan wal qabate ta'uun isaa nibeekama. Qaalluu Uumaafi Birbirsaa Dhaabechee (kan Ulfaa Waaqaa itti bu'e); fakkii ykn siimboolii Ayyaantummaa (amantii) Saba Waaqeffataati jechuu nidandeenya. Qaalluun muka jiidhaa muruun waan irra hinjirreef, dallaafi mana hawaasatu ijaaraafi. Inni qulqullina ofii eegee qunnamtii hawaasni Waaqaa ykn Uumaa waliin qabu akka hinjallanne eeguudha.

Qaalluun dhugaa kan amanamuu qabu, Qaalluu Uumaa kan Ulfaan ykn afuurrii Waaqaa itti bu'ee Qaallummaan isaa mirkanaa'eef qofa. Yaada kana Maammoon (2009:108) yoo ibsu, "Qaalluu jechi jedhu Ayyaantummaadhaan kan walqabate ta'uun nibeekama. Qaalluun Uumaafi Birbirsaa Dhaabechee (kan ulfaan Waaqaa itti bu'e) fakkii Ayyaantummaa (amantii) saba Waaqeffataati jechuu nidandeenya" jechuun ibsama. Haaluma walfakkaatuun akka aadaa Oromootti gaggeessaan amantii (giddu deemsi) waaqaafi namaa kan ta'e ayyaana (Qaalluu) jedhamuun hawaasa keessatti beekama. Ayyaantuun kun ammoo akka dhugeeffannoo Oromootti, warra tokko keessatti akka Waaqayyo giddu-deemsa irratti dhaabufiidha jechuun amanama. Kanuma ilaalchisee Negaso (1984:153) yoo ibsu "Through their role as "Mediators" both between the spirits (Ayyaanaa) of the ancestors and their descendants and between individual and groups, they could accumulate much following and wealth". Jedha Adeemsa hoji ayyaanaa keessatti warra tokkoo giddu deemsa namaafi qabeenya namaaf dhaabatee nama dhuunfaaf yookin garee tokkoo dhaabatee kan tajaajilu ta'uu isaa ibsa. Kanaaf, ayyaanni afuura giddu deemsa yoo ta'u, ayyaantuun ammoo nama warra tokko keessa ayyaanni irratti bu'uudha.

Qaalluun Duumessaas, Godina Horroo Guduruu Aanaa Horroo Ganda Alshaayaa Daaddoo jedhamu keessatti hawaasa Oromoo naannicha yeroo dheeraaf jiraachaa turan keessaa Abdii Badhaasoo nama jedhamu irratti daa'imummaasaatti Humni Waaqaa/Ulfaan Waaqaa bakakkaa waliin kan itti bu'e ta'uutu dubbatama. Kanumarraan kan ka'e maqaa qaalluu Duumessaa jedhamu kana argatee ittiin waamamuu eegale. Kunis waggaa dhibba lama dura nama Abdii Badhaasoo jedhamurra Humni Waaqaa (Ulfaan Waaqaa) irra buluu/bu'uun isaa kan beekame erga mallattoon Ayyaantummaa isarratti mul'atee ganda warra waabeekaa geessuun akka

hawaasni qaallummaa isaa beekaniifi hawaasa biratti fudhatama qabaachuunsaa erga mirkanaayeeffii booda, qaallummaa isaatiin hawaasa tajaajiluu eegale.

Ayyaani qe'ee warra Qaalluu Duumessaatti ayyaaneeffatamu kunis Afaan Oromootiin waan gaggeeffamuuf aadaafi duudhaan hawaasa kanaas afaanuma kanatti gargaaramuun ibsama. Kun immoo guddina afaan tokkoofis tajaajilli afaan hawaasa keessatti gama maraan kennu yoo ilaalame faayidaa bal'aa qabaachuu agarsiisa. Itti fayyadamni afaaniis, gaaffilee bu'uuraa xiinqooqa hawaasaa kan deebisuudha. Dhimma kana ilaalchisee (Wolff, (2000) yaadasaa akka ibsutti, fayyadamni afaanii gaaffilee ijoo xiinqooqa hawaasaa irratti kan ka'an kan akka eenyutu eenyuuf maali dubbata, yoomiifi eessatti dubbata, maaliifi akkamitti dubbata, kan jedhu haala itti fayyadama afaaniirratti bu'uureeffata. Gaaffileen bu'uuraa xiinqooqa hawaasaa kun, kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattootaa waliin dubbii sana irratti argaman kan agarsiisu yeroo ta'u, yoomiifi eessatti dubbanna inni jedhu bakka waliin dubbii sun itti dubbatamuufi haala hawaasa waliin dubbii sana irratti hirmaatan kan ilaallatuudha. Maaliifi akkam kan jedhu immoo, afaan dubbatamu sun haala qabatamaan tajaajila maaliif akka oolu kan agarsiisudha. Kana irraa kan hubannu, afaan tokkotti namoonni fayyadaman mata dureen irratti dubbatan, bakkaafi iddoo itti dubbataniifi namoota itti dubbatan jijjiramu ta'uu isaati. Qoratichis waallee dubbiifi ittifayyadama afaanii mana amantii Qaalluu Duumessa keessatti mul'tan akkamiin aangoo eenyummaa amantii ijaaruu irratti qooda akka qaban qaaccessuu; akkasumas jechootafi jechamoota sirnicha keessatti tajaajila waaqeffaannaaf oolan haala kamiin jiruufi jireenya hawaasaa akka ibsan qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qaalluun dhiiraafi dubartii raagdotaafi hoggantoota waaqeffannaa kanneen sadarkaa naannootti ykn giddugaleessaatti argamanidha. Akka aadaa Oromooti gaggeessaan amantii (gidduu deensa) Waaqaafi namaa kan ta'e Ayyaantuu (Qaalluu) jedhamuun hawaasa biratti beekamudha. Kanuma ilaalchisee Negaso (1984:153) yoo ibsu, "through their role as (mediators) both between the sprits (Ayyaanaa) of the ancestors and their descendants and between individual and groups, they could accumulate much following and wealth" jedha. Haaluma kanaan godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Horrootti uummata Oromoo hordoftoota Qaalluu Duumessaatiin sirni waaqeffannaa amantii Qaalluu Afaan Oromootiin dhugeeffannaan Waaqaa nigaggeeffama. Waaqeffannaan Qaalluu Duumessaa Afaan Oromootiin iddoo

kanattigaggeeffamu kunisgumaacha inni guddina Afaan Oromoofi aadaa uummata Oromoof qabu akka salphaatti kan ilaalamu miti. Haata'u malee qorannoon gama fayyadama afaaniin jechamootaafi malleen dubbii dalagaa qaalluu Duumessaafi himtee (dubbii Waaqaa) irrattigaggeessee waan hinturreef, qorataan, waallee dubbii keessatti akkaataa fayyadamni afaanii eenyummaa Waaqaafi hordoftoota Qaalluu Duumessaa ijaaraan addaan baasuun, gumaachi inni guddina Afaan Oromoofi ogbarruu Oromooratti qabu ifa gochuufi hariiroo afaaniifi aangoo eenyummaa Waaqaafi amantootaa ijaaran qaaccessuun bu'aa beekumsi afaanii amantiif tumsuifa gochuu irratti kan xiyyeeffatedha. Bu'uurma kanaan gaaffilee armaan gadiitti dhiyaataniif qorataan qorannoo kanaan deebii argatu jedhee yaade akka armaan gadiitti kaawwameera.

1. Fayyadamni afaanii amantoota Qaalluu Duumessaa keessatti mul'tu maal fa'i?
2. Eenyummaa amanaafi amantii ijaaruu keessatti gaheen fayyadama afaanii maali?
3. Fayyadamni afaanii walitti dhufeenya aangoo eenyummaa amanaafi Qaalluu Duumessaa ijaaruufi ibsuu keessatti maal fakkaata?

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoo goeroon qorannoo kanaa: waallee dubbii ijaarsa eenyummaa keessatti, fayyadama afaanii Qaalluu Duumessaafi hordoftootaa qaaccessudha. Kaayyoowwan gooreen qorannichaa ammoo kanneen armaan gadiitin:

1. Fayyadama afaanii hordoftoota Qaalluu Duumessaa biratti mul'atu addaan baasu;
2. Eenyummaa amantootaafi eenyummaa amantii ijaaruu keessatti gaheen fayyadama afaanii maal akka ta'e addeessuu;
3. Fayyadamni afaanii walitti dhufeenya aangoo eenyummaa amanaafi Qaalluu Duumessaa ijaaruufi ibsuu keessatti qabu maal akka fakkaatu xiinxaluu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu erga gaggeeffameen booda qaamni inni fayyadu nijiraata. Qorataan kunis erga qorannoo kana gaggeesseen booda qaamota armaan gadii nifayyada jedhee karoofateera.

- Namoota mata duree kana fakkaatu irratti hojjataniif madda ragaa ta'uu danda'a.

- Jechoota Afaan Oromoo ayyaana Waarra Qaalluu Duumessaa keessatti argaman mana kitaabaa uummaataa keessatti galmeessisuun duudhaafi aadaa uummataa dhaloota boroof akka ol kaa'amu taasisuu.
- Biiroo aadaafi turizimii keessatti madda ragaa ta'uu danda'u.
- Eenyummaa, aadaa, duudhaafi amantii uummata Oromoo mul'isuun qaamonni garaagaraa akka hubatan gochuun madda odeeffannoo ta'uu danda'a.
- Jechoonnifi jechamoonni waaqeffannaa Qaalluu Duumessaa keessatti dhimma baasan waaltina Afaan Oromoo keessatti qooda guddaa qabaachuu danda'u.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu yeroo adeemsifamu sababoota garaagaraa irraa kan ka'e daangeffamuu qaba. Qorataan kunis haalumaa kanaan mata duree qorannoo isaa "Waallee Dubbii Ijaarsa Eenyummaa Keessatti Qaaccessa Fayyadama Afaanii Hordoftoota Qaalluu Duumessaa" jedhu iddattooo dalaga hordoftoonni qaalluu Duumessaa dalaganiifi himaamsa dubbii Waaqayyoo Ayyaantuun himamu irrattidaangessuun kanhojjete yoo ta'u, osoo mata duree bal'aafi kanneen kana faakkaatan irratti hojjatee bu'aa olaanaatu argama ture. Haata'uu malee sababoota humna jiru, yeroofi baajata giddu galeessa godhachuun mata duree kanarraatti daangessuu danda'eera.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu tokko hanqina mataa isaa kan qabuudha. Hanqinoonni kunis haalota garaagaraa irraa kan maddaaniidha. Haalumaa kanaan qorannoo kana keessatti akka hanqinaatti wanti uumame, kitaabilee wabii bal'inaan dhabuufi od-kennitoonni waraabbiif eeyyamamaa ta'uu dhabuu ture. Haa ta'uu malee humna jiruutti fayyadamuun, baay'inaan kitaabilee wabii barbaaduun dubbisuufi kaayyoo qorannichaa od-kennitootaaf ibsuun, hojii amansiisuu irratti ciminaan hojjechuun qorannoo kana fiixaan baasuuf qorataan baay'ee ifaajee milkaa'uu danda'eera.

1.7. Seenaa Gabaabaa Waa'ee Ayyaana Qaalluu Warra Duumessaa

Qaalluun Duumessaa, Godina Horroo Guduruu Aanaa Horroo Ganda Alshaayaa Daaddoo jedhamu keessatti hawaasa Oromoo naannicha yeroo dheeraaf jiraachaa turan keessaa Abdii Badhaasoo nama jedhamu irratti daa'imummaasaatti Humni Waaqaa/Ulfaan Waaqaa bakakkaa waliin kan itti bu'e ta'uutu dubbatama. Kanumarraan kan ka'e maqaa qaalluu Duumessaa jedhamu kana argatee ittiin waamamuu eegale. Kunis waggaa dhibba lama dura nama Abdii Badhaasoo jedhamurra Humni Waaqaa (Ulfaan Waaqaa) irra buluu/bu'uun isaa kan beekame erga mallattoon Ayyaantummaa isarratti mul'atee ganda warra waabeekaa geessuun akka

hawaasni qaallummaa isaa beekaniifi hawaasa biratti fudhatama qabaachuunsaa erga mirkanaayeeffii booda, qaallummaa isaatiin hawaasa tajaajiluu eegale. Maddi:Ayyaantuu, Ayyaana Qaalluu Duumeessaa baatu(Gaddafaa Gaaddisaa)

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

2.1.Seensa

Boqonnaa kana jalatti qabxiilee bu’uuraa sakatta’a barruwwan qorannaa kana cimsu jedhaman tokko tokko kaasuun ilaalamaniiru.Kuniswaallee dubbii keessatti waa’ee fayyadama haala Qaalluu Duumessaa keessatti eenyummaa amantootaafi amantii ijaaranii qorachuuf dhimmoota gurguddoo as jalatti ka’uu danda’an irratti xiyyeeffachuun sakatta’i barruu filatameera. Haaluma walfakkaatuun sakatta’i barruulee kun qabxiilee gurguddoo sadiin ilaalamaniiru. Isaanis: amantii, waallee fayyadama afaaniin kan jedhuufi barruu walfakkiiti.

Barruulleen amantii waliin walqabatan akka armaan gadiitti sakatta’amaniiru.Akaakuun amantiifi falaasamni isaanii duraa duubaan dhiyaataniiru. Kanuma jalatti, kanneen eenyummaa amantiifi amantootaa ijaaran tarreeffamaniiru.Dhimmoota amantii ijaaruu keessatti hammataman keessaas: adeemsa ayyaaneffannaa Waaqaa keessatti kanneen maalummaafi eenyummaa amntootaaQaalluu Duumessaa ibsan irratti kan xiyyeeffatan mata duree adda addaatti qooduun dhiyaataniiru.

Dhimmoonni sakatta’i barruu kun irratti xiyyeeffate inni lammaaffaan immoo waallee (discourse) kan jedhamu jalattidha. Haaluma kanaan, maalummaan waallee, gosoonniifi maleenyi qaaccessaa duraa duubaan dhiyaataniiru.Akkasumas itti fayyadamni afaanii amantii keessatti maal akka fakkaatun walqabsiisuun waalleen amantiis dhiyaateera.

Dabalataanis qorannoowwan barruu wal-fakkii boqonnaa kanajalatti sakatta’amanii dhiyaataniiru.Kunis qorannoowwan kaayyoo, amalaafi qaaccessa qorannichi keessa darbeef wajjin hubannoo dabaluu kan danda’an filatamanii kan sakatta’amanidha.Gama biroon yommuu qorannoowwan barruu walfakkii ilaalaman qoronnichaan kan walfakkaatanidha malee qorannichi kaayyoofi galma mataasaa akka qabu mirkaneessuufidha.

Walumaagalatti qabxiileen bu’uuraa kutaa kana keessatti kaafaman: amantiifi akaakuu isaanii, eenyummaa amantiifi amantootaa, kanneen eenyummaa amantaafi amantootaa ijaaran, waalleefi

akaakuusaa, waallee amantii, ilaalchaafi waallee, aangoofi waallee, maleenya qaaccessa waallee, fayyadama afaanii amantii keessatti kan jedhaman dhiyaataniiru.

2.2. Amantii

Amantiin akkaataa hawaasni tokko yookiin uummanni tokko yookiin namni dhuunfaa tokko waaqa ittihubatuufi amanudha. Kana jechuun, ilaalchaafi dhugeeffannoo hawaasni tokko uumaafi uumamaaf qabu jechuudha. Amantiin wanta sabni tokko, “Sirriidha yookiin daandii qajeelaafi dhugaadha” jedhee uumamaan olitti onnee guutuudhaan jaalatee fudhachuun amanuudha.

Amantiin waan baay'ee bal'aafi waan hedduufis bu'uura kan ta'eedha. Gama biraan amantiin saba tokkoo qaroomina sabni sun yeroo dheeraa booda irra gabe mul'isa. Hubannoofi qalbeeffannaa akkasuma dhugeeffannaa sabni tokko yeroo dheeraa booda jiruufi jireenya isaa keessatti kuufatee ofharkaa qabudha. Aadaan, seenaan, duudhaan, siyaasniifi falaasamni saba tokkoo qaroomina saba sanaa mul'isa. Isaan kunniin immoo amantii sabichi hordofuun hidhataafi walitti dhufeenya guddaa qabu. (Tarruu 2015:14)

Akka seenaa irraa hubachuun danda'amutti dhalli namaa gaafa lafa kanarratti uumamee kaasee nagaa, dhugaafi gammachuu dhugaa kan argate amantiidhaani. Gaafa safuu, seeraafi dhugaa Waaqaa irraa fagaachaa dhufe cubbuu adda addaa keessa seena. Amantiin yaada namaa qulqulleessuun daandii Waaqaatti nama fida. Kana malees cubbuufi hammeenya akkasumas waan jallina ta'e irraa nama tiksa.

Walumaagalatti yaadolee kanneenirraa wanti hubatamu, wanti sabni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti raawwachaa dhufe ykn eenyummaan achii asdhuftee isaa ta'e kun hundi amantii isaaf bu'uura ta'uufi walitti hidhata amantii waliin qabaachuusaa hubanna.

2.2.1. Akaakuu Amantiifi Falaasama Isaanii

Akaakuun amantii ilaalchaafi baay'ina namootaa addunyaa kana irratti argamuun kan walqabatu ta'ee, kan haala jiruufi jireenya dhala namaarratti hundaa'ee uumamudha. Falaasamni amantiis seenaa, duudhaa, aadaafi barsiifata uummanni biyya tokkooykn gareen tokko qabu waliin kan walqabatu ta'uusaa xiinxaltoonni amantii nibsu. Haaluma kanaan amantaan falaasama mataasaa akka qabu, Dammissee (2016:64) haala kanaan ibseera.

Amantaan kan ittiin uummanni uumaafi uumama, akkasumas, ilaalu, hubatu, abdi dhugeeffatee ittiin jiraatudha. Falaasamni immoo uummanni akkamitti uumame? maalif uumame? eenyutu uume? eessaa dhufe? maalirraa madde? jedhee waa'ee uumaafi uumamaa beekuufi rakkoo mul'te hiikuuf yaaliifi gaaffii godheen kan jalqabe. Akkasumas, hiikaafi hubannoo addunyaa isaatiif kennedha.

Yaanni kunis amantiin kan uummanni ittiin uumaa kanatu uumama uume jedhee amanu sun falaasama ittiin ibsamu akka qabu eera. Amantiin hundi uumaan uumama hundaa jira jedhanii itti haa amanan malee, eenyummaa wanta itti amananiifi qajeelfama qaban irratti hundaa'uun garaagarummaa qabu. Falaasama ittiin ibsatan irrattis adda addummaa qabu. Haaluma kanaan addunyaa kanarra amantiileen gosa garaagaraa falaasama mataasaanii kan qaban akka jiran qorannoowwa adda addaan ibsamaniiru. Barruuwwan qorannoo kanaan sakata'aman Ministeera Barnootaa Itiyooophiyaa (2011:21-22), Abrahaam (2004:6) fi Tleeraafi Hundasaa (1995:57) haala walirraa fageenya guddaa hinqabneen gosoota amanti tarreessaniiru. Issaanis: Amantii Budihizimii, Hindiizimii, Konfishaanizimii, Shintoo'izimii, JJudaahizimii, Islaamaa, Waaqeffannaafi Kiristaana, jechuun qoodamaniiru. Isaanis akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

Amantii Budihizimii ilaalchisee kanneen jedhaman keessaa yoo ilaalle, namni amantii Budihizimii dura jalqaba barsiisuu eegale Siddirataa Guutama Buddihaa jedhama. Innis nama biyya Hindiiti. Amantiin kun kan eegalame Dh.K.D. jaarraa jahaffaa keessa akka ta'e nitilmaamama. Kitaabni amantii kanaas Teraavedaa jedhamuun beekama. Kitaabichi jalqaba kan barreeffame Afaan Paan jedhamuun ture. Hordooftoonni amantii kanaa namni marsaa keessa deddeebi'ee dhalachuufi du'uu keessa darba jedhu. Marsaan du'aafi jireenyaa kun kan dhaabbatu namni hubannoo seera amantii kanaa yoo qabaatedha jedhu.

Amantii Hinduu'izimii ilaalchisuun kan jedhaman keessaas, amantiin kun kan jalqabame biyya Hindii keessatti Dh.K.D bara 1500tti akka ta'e nitilmaamama. Kitaabni amantii kanaa Veedaa jedhama. Hordooftoonni amantii kanaa amantii qalanii foonsaa nyaachuun cubbuudha jedhu. Waaqoliin baay'een akka jiran kan amananiifi wantidu'e tokko bifa biraa uffatee deebi'ee dhalachuu danda'a ilaalcha jedhu qabu. Kunis sadarkaa namni tokko har'a irra jiruufi hojii inni jireenya duraa keessatti hojjechaa tureen murtaa'a jedhu.

Amantiin konfishaanizimii jedhamus haala itti aanuun ibsameera, amantiin kun nama Konfishas jedhamuun Dh.K.D. Jaarraa jahaffaa keessa Chaayinaatti jalqabame. Kitaabni amantichaas barreeffamoota Chaayinaa durii kan Alaatektisiifi Wuu Ching Faayeer Kilaasiksii jedhamanidha. Amantichi kanneen akka Chaayinaa Jaappaaniifi Mongooliyaa keessatti hordooftoota hedduu qaba.

Amantii Shintoo'izimii ilaalchisuun kan eeraman keessaa, amantiin kun Jaappaanitti haajalqabamu malee, yeroo inni itti jalqabame hinbeekamu karaa ykn barsiisaa ayyaanotaa jechuudha. Maqaan kunis kan moggaafameef Dh.K.D.jarraa jahaffaa keessa ture. Moggaafamni kunis kan ta'uu danda'e jaarraa sana keessa amantiin Budhiizimii Jaappaan seenuu waan jalqabeef amantiin biyya isaanii keessatti dhalate isa biyya biroo dhufe irraa addaan baasuuf ture.Amantiin Shiintoo kitaaba hinqabu. Haata'u malee yaada duudhaa dhalootaa dhalootatti darbaa deemuun qajeelfama.

Amantii Judaahizimiifis yaanni itti aanu kennameera. Judaahizimiin Dh.K.D. bara 5000tti baha giddu galeessaa keessatti eegalame. Amantii kana kan jalqabe nama Abraam jedhamudha.

Amantii Islaamaarratti waan hedduu jedhaman keessaa kan itti aanu ilaaluu dandeenya. Amantiin kun Dh.K.B. Jarraa torbaffaa keessa biyya Sawudii Arebiyaa jedhamtu keessatti jalqabame. Namni amantii kana jalqaba barsiisuu eegale Mahaammad jedhama.Islaama jechuun Afaan Arabaa yommuu ta'u, hiikkaan isaas fedhiitamuu Waaqaatiif (Rabbiitiif) bitamuu jechuudha. Kitaabni amantiin kun ittiin gaggeeffamu Quraana jedhama.Kitaabni kun jalqaba kan barreeffame Afaan Arabaatiin ture. Hordofoonni amantichaa Rabbii (Allaah) uumaa addunyaa kanaafi samii, burqaa waan gaariifi waanuma hundaati jedhanii amanu.Du'a Mohaammad booda hordofoonni isaa amanticha waan babal'isaniif ardiilee hunda keessatti tamsa'ee argama.Diisan (2005:74) haala kanaan ibseera.“Musiliima namni ta'e tokko yaada isaatti osoo hindogoggoriin shi'aada (beeksisa amantii) isaa Afaan Arabiffaan sirriitti dubbachuun qaba.”

Amantaa Waaqeffannaarratti kanneen eeraman keessaas, Dirribii (2009:18) akka ibsutti, “Waaqeffannaan amantaa uummata gurraachaa isa ganamaati.Amantaa bakka sanyiin namaa dura itti argametti eegalame, amantaa uummata kuushiiti. Akkuma sanyiin namaa dura gaanfa Afrikaatti Kuush keessatti argame, amantaan kunis uummata gurraacha hangafa sanyii namaa ta'een armaan dura eegale” jedha.Toleeraafi Hundasaa(1995:103)akkanatti ibsu,“Waaqeffannaan Waaqni waan hundumaa ol kan ta'e,hundaa kan tolcheefi uume ta'uusaatti amanuudha” jedhu.Yaanni kunis amantiin waaqeffannaa amantii warra kuush durii akka ta'e dubbata.

Amantii kiristaanaa ilaalchisuun kanneen eeraman keessaas,amantiin kiristaanaa Waaqa hundumaa danda'u uumaa waan hundumaa kan ta'e Waaqa tokkichatti kan amanudha. Waaqni kun immoo dhala namaa kan jaallatuufi ofiisaa karaa Iyyesuus Kiristoos kan of

mul'isedha. Kitaabni amantiin kun ittiin gaggeeffamu kitaaba Qulqulluu (Bible) jedhama. Jalqaba kan barreeffame Afaan Hibuun ture. Amantiin kun namni Iyesuusitti amanuun cubbuusaaf dhiifama argachuun lubbuunsaa Mootummaa Waaqayyoo keessatti bara baraan jiraatti jedhanii barsiisu. Namni kamiyyuu nama isa jalqaba karaa seexanaa cubbuu raawwate Sanyii Addaam waan ta'eef Yesuus Kirstoositti amanuun cubbuusaaf dhiifama argachuu qaba jedhu. Amantiin kiristaanaa yeroo booda damee adda addaatti hirameera. Isaanis Kaataalikii, Ortodoksiifi Pirootestaantii jedhamuun beekamu. Eller (2007:206) akkas jechuun ibseera. "Christianity has never been a united, monolithic and despite attempts to establish or maintain unity. It can minimally be analyzed into its three major "school" or varieties: catholic, orthodox and protestant." Yaanni kunis amantiin kiristaanaa akka amantii tokkootti yoo beekameyyuu bakkeewwan gurguddoo sadeen: Katolikii, Ortodoksiifi pirootestaantii jedhamuun qoodamuusaa ibsa. Isaanis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Waldaan katolikii waldaa kiristaanaa ishee jalqabaa akka taateefi haaromsa adda addaa taasifameen akka waldaaleen biroon akka isheerraa adda bahaa turan ibsama. Waldaan kun hundee amantii kan mataashee akka qabdus ni'bsama. Harms(2007:9) akka kanaatti ibseera.

Waldaan Kiristaanaa Katolikii amantoonni ishee yoo xiqqaate waggaatti si'a tokko cubbuu isaanii lubatti himatanii hiikama argatu. Lubichis dhiifama cubbuu isaanii akka argataniif hojii tokko tokko kennaafi: qarshii akka baasanis niabbooma. Akkasumas, amantiitti cimuu qeerrummaafi durbummaatti hafuun nibarsiifama.

Yaanni kunis Waldaan katolikii ishee durii keessatti amantoonni cubbuu isaaniitti dhiifama argachuuf lubatti himachuun hiikama argachuun beekamaa ta'uusaa ibsa. Akkasumas, luboonni isaanii cubbuu hinraawwatani jedhamee akka hinyaadamne ibsa. Dabalataanis qeerrummaafi durbummaatti hafuun akka qajeelummaafi qulqullummaatti ilaalamuu eera.

Waldaan Ortodoksii dameewwan amantii kiristaanaa keessaa ishee tokkodha. Harms (2007: 12) haala kanaan ibseera. Jechi Ortodoksii kun Afaan Giriikiitti, "Amantii sirrii" jechuutti hiikama. Knaaf Waldoonni kiristaanaa Ortodoksii warra Macaafa qulqulluu irratti hundaa'uun murtoo gumii Waldaa kiristaanaa bara duriitiin qajeelfamanii barsiisa sirrii barsiisaniifi akka sanaattis kan waaqeffatan ta'uu himatu." jedha.

Ibsi kunis Waldaan Ortodoksii gumii waldoolee waamuun maquma isaaniirraa yoo kaanuyyuu nutu barsiisa sirrii barsiisa jechuun adda bahuu hubanna. Dabalataanis Maariyaamiifi qulqulloota kan waaqeffatan akkasumas hojii gaarii hojjechuun fayyinni ta'uu danda'a jedhanii akka barsiisan hayyuun kun ibsee jira.

Dameen Waldaa Kiristaanaa isheen sadaffaa Waldaa Katolikii irraa adda baate immoo Waldaa pirootestaantii akka jedhamtu hayyoonni ni'ibsu.

Martin Luuter barreeffama qabxii sagaltamii shan ofkeessaa qabu Onkoloolessa 31, 1517 ALA. Baayisee rabse. Barreeffamichas barsiisa kaatolikii isa namni tokko cubbuun isaa osoo hindhiifamiifiin yoo du'e Waraqaa dhiifamaa cubbuu bituufi sirna kadhannaa gochuufii kan mormu; fayyinni hojii gaarii qofaan osoo hintaane ayyaana Waaqayyootiini jechuun sirna Waaqeffannaa haaressee kan tarreessedha. (Harms, 2007:16)

Yaanni kunis qabxiileen 95 Luuter ibse kun kan akkaataa sirna Waaqeffannaa Katolikii irratti haaromsa raawwachuun ta'uu eere. Itti dabalees hundeen amantii pirootestaantii fayyinni ayyaana Waaqayyoo fi amantiin malee hojii gaarii qofaan miti kan jedhu akka ta'e ibsa.

Dhumarratti Itoophiyaafi Amantii kiristaanaa yoo ilaalle immoo Seenaa bal'aa keessaa muraasa yoo kaasne akka kanaa gadiitti ibsameera. Kitaaba Seenaa Gabaabaa Waldaa Kiristaanaa II. Jaarmiyaa Ogbarruu Aster Gannoo (2007:230,233,234) yaada gabaabaa akkas jedhu argina. Mootichi Yohannis 4ffaaf mootii Faransaay irraa gargaarsa argatu abdatee Waldaa Katolikii Itoophiyaa keessatti kallattii lamaan hundeesse. Tokko Afaan Gi'iziin, kaan immoo Afaan Laatiniin ture. Gama biroon mootonni Itoophiyaa durii hundi hordoftoota amantii Ortodoksii turan. Achumaanis namoota aboo isaanii jala galan hunda Ortodoksii gochuuf yaalaa turan. Sirna sagada isaanii keessattis Afaan Gi'iziifi Afaan Amaaraa fayyadamuun dirqama ture. Keessumaa mootichi Minilik iddoo qabate hundumatti Wald Ortodoksii dhaabuun beekamaa ture. Bakka tokko tokkotti deebiinsaa faallaa akka ta'es himama. Dhiibbaa kana jalaa bahuuf keessumaa sabni Oromoo baay'inaan amantii Islaamummaa fudhate jedhama.

Misiyoononni Pirootestaantii warri jalqabaa bara 1830 ALA. gara Kaaba Itoophiyaa seenan. Yeruma sana dhaabbati Misiyoonii Waldaa Kiristaanaa Ingilaand Macaafa Kakuu Haaraa Afaan Amaaraatti hiikame argatee maxxansiise itti fayyadame. Bara mootii Saayila Sillaasee Misiyooniin lammii Jarman Krapfi jedhamu Shawaa seenee saba Oromootti Wangeela lallabuuf

barbaadee Afaan Oromoo akka barate himama. Innis Wangeela Yohaannis gara Afaan Oromootti hiikee jira (Harms, 2007:133).

2.2.2. Eenyummaa Amantiifi Amantootaa

Amantiin ilaalcha dhala namaati jedhamee bira kan darbamu qofaa miti. Odeeffannoo eenyummaa dhuunfaa (personal data) nama tokkoo galmeessuuf amantiin kee maali? jedhamee gaafatama. Kanaaf amantiifi dhalli namaa eenyummaa walitti hidhate qabu jechuudha. Kanas Neri (2012:3) akkasitti ibsa, “Amantaan jireenya nama tokkoo keessatti wanta murteessaadha. Maalummaasaa ibsaafi. Kutaa qaama kamii akka ta’e itti agarsiisa. Kanaaf amantaan tapha miti” jedha.

2.2.3. Kanneen Eenyummaa Amantiifi Amantootaa Ijaaran

Amantiin falaasama sabni tokko dhugeeffatee ittiin buludha. Sabni kamiyyuu adunyaa kana, umaafi uumama, akka itti hiikkatuufi itti hubatuqaba. Hubannaafi qalbeeffannaa isaa irratti hundaa’ees waa dhugeeffata. Dhugeeffannoon inni yeroodheeraa keessatti kuufatee dhalootaa dhalootatti dabarsu kunis falaasama saba sanaa ta’a. Falaasama kana dhugeeffatees ittiin jiraata. Haaluma kanaan uummanni Oromoos saba falaasamaafi amantii mataasaa qabaatee falaasama isaa kanas sirnaan gaggeeffatuufi kabajatudha. Falaasamniifi amantiin uummata kanaas sirna ittiin gaggeeffatu qaba. Kanneen keessaa weedduu/jeekkarsafi kadhaan Waaqqaa isaan gurguddoodha..

2.2.3.1. Kadhaa Waaqaa

Oromoon akkuma afoola isaa keessatti mammaaksa “Kan dhugaa qabu kadhatee Waaqa irraa hindhabu!” jedhu mammakee itti dhimma bahu. Waaqeffattoonni dhuunfaa isaaniif, maatii isaaniif, biyya isaaniifi warra isaanii; akkasumas, ayyaana dirree isaanii nikadhatu. Waaqa kan kadhataniifis nageenya, jireenya gaarii, fayyaa argachuufi waan hamaan isaan akka hinmudanneef. Waaqeffattoonni kadhaa isaanii keessatti badiif Waaqa hinkadhatan. Osoo Waaqa kadhachaa jiranii hinabaarani. Hamaanis yoo jiraate, “Hamaa keenya nurraa qabi, dhiibdoo keetiin nurraa dhiibi” jedhanii kadhatu. Kadhaan gosoota adda addaa qaba. Isaanis: ganama, gaigala, nyaata dura, kan midhaan facaasaa, maatiidhaaf, yoo daandii deeman, kan sirnaa, kan horii, bonni yoo dheerateefi kkf kunneen gosoota kadhaa Waaqeffattoonni irratti kadhatan keessaa muraasa isaaniiti.

Kadhaa ganamaa: “yaa Waaq kan nagaan na bulchite nagaan na oolchi,hamaa hammaataa nurraa qabi,dubbatee dubbisiisaa jedhee jechisiisaa nurraa qabi,guyyaa guyyaa gaarii naaf godhi;bakkan deemu/oolu nagaan naaf godhii na ofkolchi,hamaa na dubbisiin,mana nagaatiin bahe mana nagaatti na deebisi”jechuun kadhatu. Kadhaa jeekkarsaa keessattis: “Yaa waaq nagaan bultee;siifuu nagumaan bullee yaa leemmiyyoo” jedhanii kadhatu.Jeekkarsi kun olaantummaa waaqaa kan mul’isudha.Haaluma kanaan jeekkarsi jeekkaramu waan jeekkaramuuf qabaachuu isaa nu hubachiisa. Kana malees jeekkarsi warra qaalluu biratti jeekkaramuufi iddoo biraatti jeekkaramus tokko miti.

Kadhaa galgalaa: “Ya waaq nagaan na oolchitee nagaan nabalchi, ya Waaq kan sirra caalu,kan si ajaju hinjiru, ati nagaan nabalchi, hirriiba gaarii abjuu gaarii waliin nabalchi. Badaa hirriiba keessaa na lagi” jedhanii kadhatu.

Nyaata dura: Waaqeffataan yoo nyaatuufi dhugu waan nyaatufi dhuga san irraa kabaja Waaqaaf lafaaf, akkasumas,waan nyaatamuufi dhugamu hunda Waaqaafi lafarraa waan argataniif sanaaf jecha lafatti daddarba ykn dhibaafata. “Yoo nyaatu dhiyana kana dhiyaana sifaa naaf godhi”

Kadhaa yoo midhaan facaasuu: “Yaa waaq rooba nagaan nuuf roobi, kan facaasne nuuf magarsi; kan facaasne nagaan nuhaammachiisi”

Yoo bunni dhugamu: Akka amantii Waaqeffannaatti bunni dhugaatii qofaaf osoo hintaane Waaqa kadhachuufis nidanfisama. Buna dhaabani Waaqa kadhatu; Bunni araara.Kadhaa Waaqaa keessatti bunni iddoo guddaa qaba.Bunni Waaqa araarsa jedhama.

Waa hojjachuuf yoo karoorfatan: ‘Yaa Waaq siin malee milkiin hin jiruu ati na milkeessi, waanan hojjachuuf itti deemu kana ati keessa naaf ooli, dafqa ormaa hin barbaadu dafqa koon na bulchi, kan ormaas natti hindabarsin kiyyas namatti hidabarsiin, nama hojjatee milkaa’ee galata galchu na godhi’ jedhee Waaqa kadhata; Ayyaana ofiis qajeelfata.(maddi afoola uummataa)

2.2.3.2. Jeekkarsa /Weedduu

Jeekkarsi faaruu Waaqaa kan Waaqa ittiin waammataniifi galata ittiin galfatanidha. Waan Waaqa irraa barbaadan argachuufi waan Waaqa irraa argataniif galata galchuuf, walumaagalatti fedhii keessoo ofii kan Waaqaaf qaban ibsachuuf faaruu jedhmudha.Tarruu (2015:81) akkasitti ibsa, “Jeekkarsi yaadaafi qalbii ofii qulqulleessatanii ayyaana Waaqaan guutamani garaa qulqulluun

Waaqaan walitti dhiyaachuufi Waaqa yaadachuudha”jedha.Yaanni kun faaruun/jeekkarsi jeekkaramu Waaqaan dhaqqabuu kan danda’u hammeenyumaa ykn jibba ofirraa dhabamsiisuun jaalalaan laphee ofii qulqulleessuun faaruun Waaqa waamachuu jechuudha.

Oromoon jeekkarsa Waaqa ittiin kadhatu, kan durii jalqabee dhalootaa dhalootatti darbaaa dhufe baay’ee qaba. Jeekkarsa abdii ilma namaa, galata Waaqaaf qaban, jabeenyaafi ol’aantummaa Waaqaa, tolummaa, jaalala Waaqni uumama isaaf qabuufi kan kana fakkaatanibsa.Jeekkarsi cal jedhamee hin jeekkaramu.Akkaataafi yeroo jeekkaramu qaba. Kan galgala jeekkaramu ganama hinjeekkaramu, kan ganamas galgala ykn guyyaa hinjeekkaramu. Kan mana warra Qaalluutti ykn Ayyaantuutti jeekkaramu gar biraatti jeekkaramuu dhiisuu mala, kanaaf jeekkarsi jeekkaramu hundi akkaafi iddoo mataa isaa qaba. Haaluma kaanaan Jeekkarsa Waaqeffannaa Tarruun, (2015:82) (Maanguddoo umurii 70 olii Ob. Nagawoo Boosat jeekkare wabeeffachuun) barreesse 8akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Yaa Waaq...

*Yaa Waaq (2) siin oollee gallaa
Urjii kumaa Waaq kan yaaman sumaa
Ani si malee sila maalan amane*

2.3. Waallee (Discourse)

Waallee (discourse) hayyoonni haala adda addaan hiika itti kennu.Adam and Annette (2004:9) akkasitti ibsu.

The term discourse not only be comes account noun, but further refers abroad conglomeration of linguistic and non linguistic social practices and ideological assumptions that together construct power or racism. Schiffirin (2011:1)akkas jechuun ibsite. “Definition of discourse fall in to three categories (1) any thing beyond the sentence (2) Language use (3) aborder range social practice that includes non linguistics

Ibsi armaan olii kun waallee karaalee sadiin hiikuu agarra.Tokkoffaa afaan himaa olii,lammaffaa fayyadama afaaniifi sadaffaa shaakaloota hawaasa bal’aa kanneen afaaniin alati jechuun hiiku. Gama biroon discourse jechuun maal jechuu akka ta’e hayyuun schiffirin (1994:20)haala kanaan ibsitee jirti. “Discourse is often defined in two ways. A particular unit of language focus (on language use), a particular unit of language focus (above sentences.) these two difintions of discourse reflect the difference between formalist and functionalist aradigm.” Yaanni kun immoo

uunkaafi tajaajila ittiin mul'atu irratti hundaa'uun hiikni waallee fayyadama afaaniifi xiyyeeffannoo afaanii himaa oliin ilaalamuu akka danda'u ibsa.

Gosoota waallee keeyyeta olii keessatti “uunkaafi tajaajilaan” jedhu keessaa qorannoo kanaaf kan barbaachisu ykn kan fayyadu waallee tajaajilaan kan jedhudha. Sababni isaa hiika jechootaa dubbii ykn walaloo keessatiargamanduuba jiru irratti kan xiyyeeffatewaan ta'eefidha. Kana malees gosoota waallee sadeen olitti kaa'ame keessaaa immoo lamaan isaaniitti dhimma baheera. Isaanis,(1) any thing beyond the sentence (hiikaduuba himaa irraatti argamu)fi (2) Language use (fayyadama afaanii) hiika akka galumsaa irratti kan xiyyeeffatee waan ta'eefidha. Kunis ragaalee dalaga weedduu qaalluu Duumessaafi himaamsa ykn dubbii Waaqaa Ayyaantuun himamu fayyadama isaa barbaaduu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eefidha.

2.3.1. Akaakuu Waallee

Waallee akaakuutti qooduu ilaalchisee qo'attoonni adda addaa waan garaa garaa jedhaniiru. Isaanis Waalleen akaakuun meeqa akka jiruufi qoodufis ulaagaa irra dhaabbatanii qoodan rakkisaa ta'uu hayyoonni adda addaa ibsaniiru. Isaan keessaas, *Hayyuun Renkema (2009:4) akkanatti ibsa*, “A well-known problem in discourse study is the lack of consensus on criteria that could serve as base for text typology or genre classification. Due to the embarrassing variety in forms and functions of discourse. Discourse types are linked either to cognitive processes or to communicative functions, which until now have not been taken into account systematically.” Yaanni kun Waalleen uunkaafi tajaajila adda addaan argamuun isaa akaakuutti ramaduuf rakkoo ta'uu nuhubachiisa. Akkasumas, ilaalcha adeemsa ilaalcha sammuufi tajaajila afaanii waan of keessatti qabatuuf sirna irra dhaabbannee qoodnu rakkisaa ta'uu nu agarsiisa.

Gama biroon waallee gosa lama ykn saditti kan qoodanis ni argina. Isaan keessaas, Adam and Annette (2004:7) akkasitti qooduun ibsu, “Traditionally discourse genre has been used to designate different types of literary writing different forms of media professional such as general conversations, story telling and so on and different ways of acting and organizing networks of social practices.” Gareen kun waallee barreeffamaa, waallee dubbii waallee mallattoo (mallattoolee adda addaa qunnamtii hawaasaa keessatti mul'atanitti) qooduu isaanii argina. Cook (1999:7) yoo ibsu immoo “Waallee dubbii afaaniin darbuu qofaa osoo hintaane

barreeffama nidabalata” jedha. Ibsi kun immoo waallee barreeffamaafi waallee dubbiitti qooduu isaa nuhubachiisa.

Qorataanis gosoota waallee keessaa waallee dubbii eenyummaa amantiifi amantootaa Qaalluu Duumessaa ijaaran irratti qorannoo kan gaggeessu waan ta’eef kallattii xiyyeeffannoo sakatta’a barruu fayyadamuu adda baafachuuf malee gosoota waallee kunniin mara qaaccessuun beeksisuuf miti.

2.3.2. Ilaalchaafi waallee

Ilaalcha waallee (ideological discourse) ilaalchisuun wantoonni adda addaa jedhamaniiru. Issaanis waalleen gama ilaalchaan ilaalamuu akka danda’u lafa kaa’u. Dijk (2004:4) “The discourse dimension of ideologies explains how ideologies influence our daily text and talk, how we understand ideological discourse and how discourse is involved in the production of ideology in society.” Yaanni kun waalleen gama ilaalchaan ibsamuu ibsamuu akka danda’u agarsiisa. Kunis kallattii ilaalchi haasaafi barreeffamoota keenya guyyuu keessatti dhiibbaa uumuu akka danda’uufi akkamitti waalleen ilaalcha hawaasaaof keessatti qabatee uumamuu akka danda’uun ilaalamuu akka danda’u ibsa. Dimshaashumatti waalleen akkamitti ilaalcha hawaasaatiin ibsamuu akka danda’u kan ibsudha.

Dijk (2004:9) “(One of the crucial social practices influenced by ideologies are language use and discourse. Much of our discourse, especially how we acquire, learn or change ideologies.” Ibsi kunis immoo itti fayyadma afaaniifi waallee keessatti ilaalchi dhiibbaa guddaa akka qabu ibsa. Kunis akkaataa yaada namaa itti fudhatan, namarraa baraniifi jijjiiraniif murteessaadha.

Jurgen (2010: 195) “Language ideologies represent the perception of language and discourse that is constructed in the interest of a specific social or cultural group. Members of nations of what is ‘true’ normally good or aesthetically pleasing about language and discourse are grouped in social experience” Yaanni kunis ilaalchi fayyada afaanii fedhiifi aadaa hawaasaa garee murtaa’aa tokko keessatti mul’achuu akka danda’u ibsa. Wanti miseensonni garee kana dhugaadha, gaariidha, eebbadha ykn abaarsadha; jedhan yaada dhoksaa muuxannoofi jireenya isaanii keessa jiruun akka ta’e agarsiisa. Kanaaf ilaalchi itti fayyadama afaanii keessatti wanta namni tokko gaarii, gadhee, eebba, abaarsafi kkkf jedhee ibsuuf gahee guddaa qabaachuu agarsiisa.

2.3.3. Waalleefi Aangoo (Discourse and power)

Waallee dubbii keessatti aangoofi waallee waliin xiinxaluun barbaachisaadha. Aangoon waallee dubbii keessatti dhiibbaa uumuu nidanda'a. Kanaaf qaaccessa waallee keessatti waalleefi aangoo walitti fidanii ilaaluun barbaachisummaa akka qabaata dubbatama. Kunis waallee dubbii keessatti aangoon dubbii dabbatamu tokkorratti dhiibbaa gochuu waan danda'uuf jechuudha. Aangoon waallee dubbii tokko keessatti mul'atu immooa hubatamuuf warreen madda aangoo ta'uu danda'an fakkeenyaaf kanneen akka siyaasaafi amantii adda baasuun gaarii ta'uu addeessa. Haaluma kanaan namoonni amantii keessatti olaantummaa adda addaa qaban akka aangoo qabaniitti of himu jedha. Kunis dubbii isaan dubbatan aangoo Waaqarraa isaanif kennameen kan dubbatan ta'uu agarsiisa jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun jechi amantii keessatti dubbatamu jecha aboo waa gochuu tokko of keessaa qabu ta'uu isaa haala garaa garaan ibsameera. Kanas Eller (2007:65) yommuu ibsu akkas jedha, "For questions becomes what is religious language does, and unfortunately the doing of religious saying legion. Persons including in religious practices and that includes saying religious sounding things, or using specifically religious language may be doing any many things. Yaanni kunis namoonni shaakala amantii keessatti, afaan ykn jechi amantii keessatti dubbatamu akka waa hojjechuu danda'anitti kan ilaalamu ta'uu hubanna. Kanaaf jechi amantii keessatti dubbatamu aangoo amantaa sanaan argate waliin ilaalama malee sadarkaa hiika kallatti jecha sanaan qofa akka hintilmaamamne hubachiisa.

2.3.4. Malleenya Qaaccessa Waallee (Approaches To Discourse Analysis)

Waalleen maleenya adda addaan qaaceffamuu akka danda'u qorannoo garaa garaan ibsameera. Maalummaa qaaccessa waallee ilaalchisee Wooffitt (2005:12) akkas jedheera. "Discourse analysis is in its broadest sense which offer an account the various ways in which social scientists analysis talk and text" Yaadni kunis malleenyi qaaccessa waallee mala qo'attoonni saayinsii hawaasaa dubbiifi barreeffama afaan tokko ittiin qaaccessan akka ta'e ibsa. Qorataanis malleenya qorannoo kanaaf garaagara jedhamee yaadame akka armaan gaditti sakatta'eera.

Douglas Biber, Ulla Cannor and Thomas A. (2007:14) Barruulee kanneen akka: Jaworski and Coupland (1999:1-7), Schiffirin (1994:23-33), Schiffirin , Tannen and Hilton 2001:1)

wabeeffachuun malleenya qaaccessa waallee akka armaan gadiitti qooduun ibsu. “Discourse analysis group into three general categories (1) the study of language use , (2) the study of linguistic structure beyond the sentence and (3) the study of social practices and ideological assumptions that are associated with language. Gareen kun malleenya qaaccessa waallee sadan olii kanas akkanatti ibsu. Inni jalqabaa mala qo’annoo fayyadama afaaniiti. Lammaffan mala qaaccessa waallee caasaa afaanii himaa olii kan jedhamuufi sadaffaan malleenya qaaccessa waallee muuxannoofi ilaalcha hawaasaa afaaniin walqabataniiti.

2.3.4.1. Waallee Akka Dalagaa Hawaasaatiin (Discourse as Social Practices Approach)

Waalleen haala dhiyeenya muuxannoo hawaasaatiin qaaceffamuu nidanda’a. Kanas Fairclough (1995:94) akkanatti ibseera. “Critical approaches to discourse analysis in the sense that set out to make visible through analysis and criticize connections between properties of text and social practice and relations (ideologies, power relations) which are generally not obvious. Yaadni kunis waalleen ifa bahee mul’achuu kan danda’u afaan suniifi muuxannoon ykn birqabni kanneen akka ilaalchiifi aangoo fa’awaliin walbira qabamee yoo ilaalame akka ta’e hubachiisa. Malli kun waallee afaan tokkoo qofaatti ilaalurra afaan sanaafi akka dalagaa hawaasaatti haala sana keessatti mul’atu waliin walqabsiisuun gaarii ta’uu ibsa. Kanaafuu waallee dubbii eenyummaa Qaalluu Duumessaa ijaaranii qaaccessuufis afaaniifi birqabni hawaasaa haala sana keessaa ilaalamuu akka danda’mu nuhubachiisa.

2.3.4.2. Waallee akka Hubannoo Hawaasaatiin (Socio-Cognitive Approach to Discourse Analysis)

Maleenya qaaccessa waallee haala hubannoo hawaasaatiin ilaaluun nidanda’ama. Kanas Brinto, (2001:401) irratti Dijk (1998) wabeeffachuun akkanatti ibseera. These believes are organized as attitudes, which is a generalized and abstract nature and are determined by their organization in society relevant categories of the group that is being evaluated. (eg. National, socio-economic status, socio-cultural, norms and values including region and language.)” Kunis waalleen akka hubannoo hawaasa tokko kessa jiru, kanneen akka gama dinagdee, lammummaa, hawaasummaa, afaaniifi amantaa jiran waliin walqabsiifamee ilaalamuu akka danda’u hubachiisa. Haala kanaan kanneen waallee dubbii qaalluu Duumessaa ijaaranii hubannoo hawaasa bakka sana waliin walqabsiisuun qaaccessuun akka danda’amu nu hubachiisa.

2.3.4.3. Waallee Akka Seenaatti (Historical Discourse Analysis Approach)

Maleenya qaaccessa waallee gama seenaa xinqooqaatiin ilaaluun nidanda'ma. Kunis Givon (1979a) yoo ibsu, "An application of discourse analysis to historical linguistics. It is the study of discourse of pragmatic factors, language change or of the discourse motivation behind diachronic change," jedha. Waallee qaaccessa xinqooqa seenaakeessatti fayyadamni afaanii haasaa afaan dubbii jalqabaafi fayyadama afaanii isa yeroo keessa argame wal bukkee qabee kan ilaaldha. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii amantoota hordofoota qaalluu Duumessaa keessatti mul'atu waallee qaaccessa xinqooqa seenaatiin ilaalaaluun akka danda'amu nuhubachiisa.

2.3.5. Waallee Amantii (Religious Discourse)

Baroota filoosoofiin amantii morman itti mul'achaa dhufan keessa, keessumaa yaada Waaqayyoo hinjiru warra jedhu jala dhaabbachuuf jechoonni jedhaman waallee amantii (religious discourse) jedhamuun beekamu. Moore and Scott (2007:123) "Putting together four point of divergence between factual discourse and religious, we can conclude that religious believes are not statement of fact but, confessions of faith." Jedhanii ibsaniiru. Yaanni armaan olii waallee amantii akkasitti ibseera. Qabxiilee waalleen waan qabatamaafi addunyaa kanaaf waalleen amantii irratti wal morman arfan walitti fiduun yaada waliigalaa amantii amanuun waan jiraachuunsaa hinmul'anne dhugaa ykn sirriidha jedhanii fudhachuudha jedhu. Dabalataan ibsoonni kunis akka kanaa gadiitti dhiyaataniiru.

Moore and Scott (2007:124) akkanitti ibsaniiru. "Firstly disanalogy is, religious belief, unlike factual statement are not tentative or conjectural in nature and do not require confirmation by way of proof or evidence. Ibsi kun waallee amantii keessatti sirrummaan ykn dhugummaan achi keessatti fudhatamu tokko, kan yeroo murtaa'aa tokkoo, kan gara fuuladuraatti ragaan funaanamee mirkanaa'u miti. Dhugaa kaleessaas, har'aafi gara fuuladuraattis sirriidha jedhamee fudhatamu akka ta'e ibsa.

Moore and Scott (2007:126) akkanatti ibsaniiru. (Secondly disanalogy between fact stating discourse and religious discourse is that where as fact express contingent truth, the truth upheld by religious believers are not of the kind that could be turned to be false. Yaanni kunis qabxiilee wal mormisiisoo waallee qabatamaa addunyaa kanaafi waallee amantii keessaa inni lammaffaan immoo, dhugummaan amantii keessatti mirkanaa'ee fudhatame tokko, takkaa sirrii ta'usaa bira

geenyee fudhannee karaa biroo immoo soba ta'uu kan danda'u miti jedha. Kana jechuun wanti takkaa dhugaadha, sirriidha jedhamee amantii keessatti fudhatame duuba deebi'ee soba ta'uu hindanda'u jechuudha.

“Thirdly disanalogy is that where as factual discourse is intended to refer to object in the world, discourse about God is not intended to refer to any object or think at all. Admittedly there are con context in which it is improper to describe God as an object” (Moore and Scott, 2007:126) Yaanni kunis walumaa galatti, dhugummaan waallee waa'ee Waaqayyoo ibsu tokko akka waalleewwan biroo wantoota addunyaa kanarraa wabeeffachuun kan mirkanaa'u miti jedha. Fakkeenyaaf, taatee tokko keessatti Waaqayyo jira jennee taatee biroo keessatti immoo Waaqayyo hinjiru jechuu hindandeenyu jedha.

Itti dabalees, Moore and Scott (2007:128) haala kanaan ibsaniiru. (Fourth disanalogy is we have commonly accepted method for resolving disputes over mater of fact, but ther are no such methds for settling disputes between believers and non believers. Ibsi kunis yaadni wal mormisiisaan waallee amantiifi kanneen biroo inni araffan immoo, Waalleewwan biroo keessatti maloota ittiin adeemsa tokko keessa darbinee dhugaa tokko mirkaneessinu qabana.Garuu warra amananiifi hinamanne gidduutti mala dhaabbataan ittiin mirkaneessinee fudhachiifnu hinjiru jedha.

Egaa warren waallee amantii keessatti ibsaman kun yaada filoosoofii amantii morman jala dhaabbachuuf mala qorannoo addunyaa kanarratti ittiin wanti tokko sirradha jedhamuufi kan amantii walbira qabuun ibsuuf kanyaalanidha.

Gama biroon amantii keessa waalleewwan ittiin eenyummaan Waaqayyoo ibsamu hedduun akka jiru ibsama.Akka fakkeenyaatti amantii kiristaanaa keessatti eenymmaan Waaqayyoo haala adda addaan ibsamuu argina.Kanumaan walqabatee Moore and Scott (2007:23) akkanatti ibsaniiru. “Thus God is spoken of the father, a lord, or a king, a shepherd, a rock, awinds (sprints); as lights, truth, and love; as ‘one’ as all power full and all knowing; and so on. All of these words gain their primary meanings not through direct experience of God but rther through our ordinary living (and reflection on that living.) Yaanni kunis kan ibsu Waaqayyo abbaa, gooftaa, mootii,tiksee kattaa, hafuura,ifa, jaalala, tokkicha, aboo qabeessa, hundumaa beekaafi kkkf jedhamee yommuu dubbatamu, Waaqayyoof muuxannoo jireenyasaan maqaan kun kan

kennameefi osoo hinta'iin, namni muuxannoo jireenyasaan jiraachuu Waaqayyoo kan ittiin calaqqisiise ta'uu hubachiisa. Kana jechuun amala wantoonni kun qabaataniitti firoomsee dhalli namaa amala Waaqayyoon haa'ibsamu malee Waaqayyoo immoo wantoota kanaafi nama kan uume waan ta'eef jechuudha.

Waallee amantii keessatti amantaa ofii ciminaan ibsachuuf eenyummaa Waaqayyoo ibsuu qofa osoo hintaane wantoota sirrii miti jedhan ykn ittisa barumsa dogoggoraa kan jedhamuttillee akka fayyadaman haala garaa garaan kaa'ameera. Eller (2007:115) haala kana yoo ibsu, "Views of religious language as non realist or antrealist can be approached from a variety of directions, but one obvious entry point." Yaadni kunis itti fayyadama afaan amantii keessatti amantoonni dhimma amantaa isaanii dubbachuuf kanneen sirri miti jedhan ykn immoo ittisa barumsa dogoggoraa kan jedhaman waliinillee akka ibsan hubachiisa.

2.3.6. Fayyadama Afaanii Amantii Keessatti

Crystal (1967:7) akka jedhutti, "Language plays fundamental role in religion beliefs." Yaanni kun afaan ilaalcha amantii ibsuuf, hubachiisuudhaafi akkasumas, eenyummaa amantii tokkoo ijaaruuf gahee guddaa akka qabu hubachiisa. Haaluma kanaan afaan ilmi namaa itti gargaaramu haala eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsudha. Namoonni ilaalcha amantii sanaas gadi fageenyaan walhubachiisuu yoo barbaadan afaanitti fayyadamu. Fayyadama afaanii sana keessattis eenyummaa hawaasaa nicalaqqisiisa. (Harmn, 2008) jedha. Walumaagalatti yaanni kun immoo akkuma afaan eenyummaa hawaasaa ibsu, fayyadama afaanii amantii keessattis eenyummaan hawaasaa akka mul'atu ibsa. Gissllan (2016:16) Fishman (2006) wabeeffachuun akka ibsutti, "Afaan waa'ee amantaa sanaa gad fageenyaan ibsuurra darbee kan duudhaan amantaa ittiin olkaa'mudha" jedha. Ibsi kun immoo afaan eenyummaa amantii ijaaruu keessatti iddoo guddaa akka qabu ibsa.

Jechoonni afaan tokkoo dhimmoota amantii keessatti dubbatamuun ykn barreeffamuun barataman (beekaman) afaan amantii yommuu jedhamantu jira.

Language is universal medium of human communication, then its sensible that humans would attempt to speak with and about non human and 'super natural' agents as well as and that those agents would be expected to communicate to us. It is sensible that humans would use language not only to pass information but to express their feeling and desires to these agents (Eller,2007:99).

Yaanni olii kunis kan nuhubachiisu, afaan walumaagalatti giddu gala walqunnamtii dhala namaa tau'uun beekamaadha. Haata'u malee, ilaalchi dhalli namaa nama kan hinta'iin 'Uumaa hundumaa olii' faana dubbachuu (itti dubbachuufi dubbii irraa fudhachuu) danda'a jedhus jira. Kanaaf dhalli namaa odeeffannoo ittiin walii dabarsuuf qofa osoo hintaane miira ilaalcha isaas afaanitti fayyadamuun ibsata. Egaa ibsi kun miira ilaalcha amantii qofa ittiin ibsachuuf jechoonni nuyi fayyadamnu afaan amantii akka jedhamu eera. Dabalataanis, Eller (2007:123) akkas jechuun ibseera. "Religious language often even in anthropological discussions, this is taken to mean myth. There are also other major genres such as prayer, incantations or 'magical speech', songs, poems or wisdom literature and liturgies which also deserve our attention." Ibsi kuns yaada armaan gadii hubachiisa. Dhufteen afaan amantii hiikaafi ibsa amantii keessatti kennamurraa akka ta'e eera. Dabalataanis, afaan amantii jedhamuun kan beekaman gurguddoon kanneen akka: kadhannaa, jechoota hoodaa ykn raajii, jechamoota ogummaa ogbarruu amantii ibsan kanneen yaada namaa ijaaran akka ta'an ibsa. Egaa jechoonni amantii keessatti jedhaman kun afaan amantii akka jedhaman hubachiisa.

Gama biroon, Eller (2007:126) akka jedhutti, "Religious language is effective in the here and now. Words have power not just to inform but, also transform speech is effective in transforming humans from one social or spiritual status." Yaadni kunis kan inni ibsu, afaan amantii keessatti jechoonni dubbataman jechoota dubbii namoota gara gurmuu hawaasummaa ykn hafuura tokkootti deebisuuf (ijaaruuf) jedhamu dubbatamu waan ta'eef jechoota humna (aangoo) qaban kun jijjiirama yaadaa namootarratti fiduu akka danda'anitti kan dubbataman ta'uu ibsa.

2.3.7. Barruu Wal Fakkii

Qorannwwan barruu wal fakkii jechuun qorannoowwan mata duree qorataa waliin walitti dhufeenya qaban ykn wal fakkatan jechuudha. Haaluma kanaan qorataan qorannoo kanaas waraqaalee qorannaa isaaf gargaaran sakatta'amuun akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Qorichee (2016) mata duree "Qaaccessa qabiyyee, unkaafi fayyadama afaanii faarsaa Waaqaa Kitaaba Galata Waaqayyoo keessatti" kunis kitaaba Galata Waaqayyoo keessatti fayyadamni afaanii maal akka fakkaatu kan ittiin qaaceffamedha. Argannoon qorannoo kanaas itti fayyadama Afaan Oromoo Kitaaba Galata Waaqayyoo keessatti maal akka fakkaatu unkaafi qabiyyeen ifa baasee kan agarsiisedha. Argannoon qorannaa kanaa immoo fayyadama afaanii

eenymmaa hordofoota Qaalluu Duumessaa mul'isaniifi kanneen eenyummaa Waaqaa maal akka fakkaatu kan adda baasedha. Qorannoo Qoricheefi qorannoo kana kan walfakkeessu, lamaanuu dhimmoota amantiiratti xiyyeeffatamuun qaaceffamuu isaanii yoo ta'u, Garaagarummaan qorannoo kanaafi Qoricheemmoo, Waallee dubbii ijaarsa eenyummaa fayyadama afaanii Qaalluu Duumessaa keessatti mul'atufi Qaaccessa qabiyyee, unkaafi fayyadama afaanii faarsaa Waaqaa Kitaaba Galata Waaqayyoo keessaatti mul'atu ilaaluun adda addummaa qabaata.

Gissillaa (2017) mata duree “Xiinxala fayyadama Afaan Oromoo faaruu amantaa Ortodoksii Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti.”Hojii kanaanis fayyadamni afaanii Afaan Oromoo Waldaa Ortodoksii Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti argamtu maal akka fakkaatu qaaceffameera. Qorannoo kana keessatti immoo, fayyadamni afaanii eenyummaa amantootaafi Waaqayyoo ijaaranii qaaceffamaniiru.

Gammachiis (2016) mata duree “Xiinxala Hasbarruufi Fayyadama Afaanii Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhaabuu Abootee” jedhu qaaceffameera. Qaaccessa haasbarruu Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhaabuu Abootee irratti taasifamee, bu'aan argame; hojjettoonni haaraan mana hojii sanatti qacaramanii hojjetan itti fayyadama afaanii bakka sanaa waliin wal fudhachuu dhabuudha. Qorannaa kana waliin tokkummaan isaanii waalleefi fayyadama afaanii irratti qorachuu yoo ta'u, garaagarummaan isaanii immoo qaaccessa fayyadama afaaniifi waallee mana hojiifi mana amantii irratti ta'a.

Guddata (2009) “Xiinxala Haasbarruu Meeshee Ayyaana Qaalluu Warra Giiftii Elemoo”, qorannoon kun kaayyoon isaa haasbarruu meeshaalee ayyaanaa qaalluu Giiftii Elemoo sirna hariiroo hawaasaa keessaatti beekamuu akka qabu ilaaluu yoo ta'u, argannoon isaas has barruun meeshaalee mana amantii kanaa keessatti tajaajilan akka beekamanidha. Kaayyoon qorqannoo kanaa immoo waallee dubbii hordofoota Qaalluu Duumessaa keessatti argamu addaan baasuudha. Garaagarummaan, kun fayyadama afaanii hordofoota mana amantii Qaalluu Duumessaa ijaaran qaaccessuu yoo ta'u, kan Guddataa, fayyadama afaanii meeshaalee ayyaana qaalluu Giiftii Elemoo irraatti mul'atu qaaccessuu kan jedhudha.

Fiixaa (2014) “Qaaccessa Sirna Hammachiisaa Qaalluu Aanaa Meettaa Roobii Abbaa Daakaa” jedhu irratti qoratame, qorannoon kunis sirna moggaasa maqaa daa'imman Oromoof bahu qaaccessuudha. Qorannaa kana wanti wal fakkeessu lamaanu amantii Qaalluu irratti qorannoo

gaggeessuu yoo ta’u. Garaagarummaan isaa immoo korannoon kun waallee dubbii ijaarsa eenyummaa keessatti qaaccessa itti fayyadama afaanii hordofoota Qaalluu Duumessaa kan jedhu yoo ta’u, kan isaa immoo qaaccessa sirna ammachiisaa Qaalluu Abbaa Daakaa kanjedhudha.

Fufaa (2016) mata duree “Qaaccessa Waallee Dubbii Mana Murtii Keessatti: Haala Aanaa Gindabarat.” Qorannoo kanaanis waalleen dubbii Afaan Oromoo mana murtii aanaa Gindabarat keessatti maal akka fakkaatu ibsameera. Argannoon isaas waallee dubbii Afaan Oromoo mana murtii eerame sanaa adda baasee kan ibsudha. Haaluma kanaan waalleerraatti xiyyeeffachuu qofaan qorannoo kanaan kan wal fakkeessu.

Tasammaa (2010) Qaaccessa Waallee Lallabaa: Xiyyeeffannoon Afaan Oromoo Waldaa Guutuu Wangeelaa Shaambuu Irratti. Garaagarummaan qorannaa kanaafi kan Tasammaa gidduu jiru, qorannoon kun waallee dubbii ijaarsa eenyummaa keessatti qaaccessa fayyadama afaanii hordofoota Qaalluu Duumessaa addaan baasuu kan jedhu yoo ta’u, kan Tasammaa qaaccessa waallee lallabaa xiyyeeffannoon Afaan Oromoo Waldaa guutuu wangeelaa shaambuu irratti kan jedudha. Kaayyoon qorannaa kanaa itti fayyadama afaanii ijaarsa eenyummaa Qaalluu Duumessaafi fayyadama afaanii ijaarsa eenyummaa hordofoota Qaalluu Duumessaa addaan baasuu kan jedhu yoo ta’u, kaayyoon qorannoo kan Tasammaa immoo, waallee lallabaa waldaa guutuu wangeelaa shaambuu keessaatti akkaataan eenyummaan Waaqayyoo itti ibsame eerudha.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

3.0. Seensa

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen hammataman:saxaxa qorannoo, mala qorannoo, madda odeeffannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaalee fa'a. Haala kanaan saxaxni kan haala waliigala qorannoo kanaa to'atu yoo ta'u, malli qorannoo immoo mala akkamitti akka dhimma bahe kan of keessaa qabudha. Iddattoonis qorannoo kana keessatti haala kamiin akka iddatteeffame kan mul'isu yoo ta'u, maddi ragaalees eessaa akka ta'eefi meeshaleen funaansa ragaa kamitti akka fayyadame kan of jalatti hammateedha.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni haala waliigala qorannoo tokkoo kan ilaalu ta'ee, qorannoon tokko maal irratti akka xiyyeeffatuufi maal akka fakkaatu kan ibsudha. Qorannoon kunis saxaxa ibsaan (descriptive design) kan gaggeeffamedha. Sababni qorataan saxaxa ibsaatti fayyadameefis kaayyoon qorannichaa waallee dubbiijaarsa eenyummaa keessatti qaaccessa fayyadama afaanii hodoftoota Qaalluu Duumessaa galmaan gahuu kan danda'u mala saxaxa ibsaan bakkaan gahama waan ta'eef. Kunis ragaalee waraabbii sagaleen dalagafi himaamsa (dubbii Waaqaa) hodoftoota Qaalluu Duumessaa irraa waraabiin argamee barreeffamatti jijjiirame ibsuurratti kan xiyyeeffatu waan ta'eefi. Kanaaf qorataan ragaalee waraabbii sagaleetiin funaannate qaaccessuuf: mala qorannoo akkamtaa, madda ragaalee, mala iddatteessuu, meeshaaleen ragaan ittiin funaanameefi malli qaaccessa ragaalee duraa duubaan dhiyaatee jira.

3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu malleen garaagaraatti dhimma bahuun ta'a. Qorannoon kun mala akkamtaa (qualitative method) kan fayyadamedha. Kunis ragaaleen argaman jechaan hiikamuun kan dalagaman ta'uusaati. Haaluma kanaan ragaaleen lakkoofsaan fudhatamuun lakkoofsaan hiikaman waan hinjirreef mala akkamtaa qofaatti kan gargaaramedha.

3.2.1. Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda odeeffannoo kan ta'e sagantaa waaqeffannaa idilee Torbii Duumessaarratti sagada taasifamedha. Kunis sirna waaqeffannaasagantaalee idilee Torbii Duumessaarratti gaggeeffamu ykn raawwatamu hordofuundha. Sagantaaleen sirna waaqeffannaa idilee Torbii Duumesaa: sagada (kadhata), galchaa/kennaa, awwaarrasaa/waadaafi waaqeffannaan sirna hammachiisaaguyyaa sana waan gaggeeffamuuf, qorataanis sagantaalee guyyaa sanaa keessaa kadhaa ykn sagada taasisamu madda ragaa qorannoo kanaa taasifatee jira.

3.2.2. Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa waallee dubbii sirna waaqeffannaa idilee kadhaa Torbii Duumessaarratti taasifamedha. Malli iddatteessuu itti fayyadames tooftaa iddatteessuu miti-carraa (non probability) jedhamutti. Tooftaa iddatteessuu miti-carraa keessaa Akkayyoo (purposive sampling) filateera. Haaluma kanaan qoratichis, iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) filachuuf kan inni murteesse, jalqaba kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun sagantaalee sirna waaqeffannaa idilee Torbii Duumessaa irratti hundaa'uun ragaalee funaannachuu waan barbaadeefidha. Itti aansuun immoo sirnoota waaqeffannaa idilee torbii qaalluu Duumessaa jiran kanneen akkadalaga qaalluufi sagalee afuuraa ayyaantuun himamu himtee (dubbii Waaqaa), sirna galchaa/kennaa, sirna wareegaafi hammachiisaa raawwataman keessaa sagantaayeroo bal'aa qabatee ragaan bal'aan kan irraa argamu jedhee amaneef dalaga dalagamuufi sagalee afuuraa ayyaantuun himamu himtee (dubbii Waaqaa) akkayyoo ta'uu danda'u waan hubateef sagantaa kana akka iddatto qorannoo kanaa tahu filateera.

3.2.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Qorataan qorannoo kana gaggeessuuf meeshaalee ragaaleen ittiin funaanamu filateera. Kunis maddi ragaalee qorannoo kanaa dalaga/jeekkarsa qaalluufi himtee (dubbii Waaqaa) himamu waan ta'eef waraabbii sagalee, daawwannaafi afgaaffiin ragaa funaannachuuf filateera. Meeshaaleen ragaan ittiin funaanamu isaan kaan akka hinfayyadamneef haalota rakkisaa ta'an yoo ilaalle, saganni (kadhaan) amantoonni Waaqa isaanii waliin taasisan yoomessaa battalaa saganni sun raawwatamurratti ta'uu baa'naan maddi ragaan qulqulluu ta'e waan hinargamneefi. Kanaaf yeroo kadhannaan Waaqaa sun gaggeeffamutti dalaga/jeekkarsa gaggeeffamufi himtee (dubbii Waaqaa) Ayyaantuun himamu waraabbachuun dirqama waan ta'eef.

Haaluma kanaan qoratichis, ragaalee funaannachuuf karoora yeroo Muddee hanga Amajjii bara 2011 ALH tti karoofate hordofuun sagada/dalaga Torbii Qaalluu Duumessaa guyyaa sadi deddeebi'uun Muddee, 11 /2011, Amajjii,25/2011fi Guraandhala, 30/2011 ALH Gimbii Qaalluu Duumessaatti argamuun waraabbii sagaleen dalaga qaalluufi himtee (dubbii Waaqqaa) Ayyaantuun himamu meeshaa suur sagaleetiinfudhatee jira. Waaraabbii sagalee sirna kanaa waraabbachuuf akkuma kabaja ayyaana mana Qaalluu kanaatti lagu barbaachisaa ta'e qorataan lagachuun eeyyama manasana seenuu argateen waraabbiin kun gaggeeffame. Laguun bulteewwaniifi horteewwan Qaalluu Duumessaan lagataman keessaa muraasni: foon re'ee, foon sangaa, talbaa yoo ta'u, kana malees gaaddidduu akka walqunnamtii saalaa guyyaa sadi dursee eegamu qaba, mana reeffas namni dhaqee awwaale akkasuma mana qaalluu ol seenee waaqeffachuu hindanda'u. Qorataanis akkuma ofii lagu eegge seenetti namoota lagu eeggatanii waaqeffachaa turan Muddee, 11/2011dhiira 30 dubartoota 25 waliigal namoota 55, Amajjii, 25/2011dhiira 20 dubartoota 25 waliigal namoota 45, Guraandhala, 30/2011dhiira 26 dubartoota 33 waliigal namoota 59 dalaga Qaalluu Duumessaa irratti argamanii waaqeffatnfi hiikoo ykn faloo Waaqa irraa argatan irraa ragaan fudhatamuu danda'ee jira.

Kanaaf, meeshaa ragaaleen qoratichi ittiin funaannachuuf fayyadames waraabbii sagaleeti.Ragaalee Waraabbii sagaleen funaanames irra deddeebi'amuun erga dhaggeeffatamee barreeffamatti jijjiiramee jira.Ragaaleen barreeffamatti jijjiiraman kunis Dbalee 'A', 'B'fi 'C' jedhamuun kaa'maniiru. Akkasumas ragaan dalaga Qaalluu/jeekkarsafi (dubbii Waaqaa) Ayyaantuun himamukunis bifa qindaa'een barreeffamatti jijjiiramee kaa'amee jira.

A. Daawwannaa

Qorannaa kana karaa milkaa'aa ta'een gaggeessuun argaannoo tokko bira qaqqabuuf dursa daawwannaa gaggeessuun daran barbaachisaadha. Haaluma kanaan Muddee, 11/2011, Amajjii, 25/2011fi Guraandhala, 30/2011 Gimbii Qaalluu Duumessaatti argamuun waaqeffattoota dibbeefi meeshaa dawwana jdhamu qabatanii dalaga/jeekkarsa qaalluu jeekkarannaa daawwachuun yaadannoo qabachuun qorannaa qulqulleeffataaf gaaffilee qopheessee qaaccesssee jira.

B. Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota funaansa odeeffkennitootaa keessaa tokko yoo ta'u, adeemsa qorataan iddoo itti argamee namoota odeeffkennitoota irraa odeeffannoo argacuu dand'uufi gaaffii dhiyeessudha.

Afgaaffiin meeshaa funaansa ragaa odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'ee bifa gaaffii banaa ta'een gaafachuudha. Afgaaffiin qorannoo qulqulleeffataa keessatti meeshaa funaansa ragaa murteessaadha. Haaluma kanaan mataduree “Waallee dubbii ijaarsa eenyummaa keessatti qaaccessa fayyadama afaanii hordofoota Qaalluu Duumessaa” jedhu irratti odeefkennitoota hirmaatan, kanneen akka Ayyaantuu, shanee, bultee qaallichaa waarra ta'aniifi mataqaboo Qaalluu warra Duumessaa, fedhii isaanii irratti hundaa'uun hirmaataniiru. Gaaffileen namoonni nkun irratti hirmaatan gaaffii banaa 15 yoota'u kunis hiika weedduuwaniifi himtee(dubbii Waaqaa) waraabii sagaleetiin argame hiikaa isaa Amajji, 25/2011fi Guraandhala, 30/2011 hubannoo qaban irratti hundaa'uun kennaniin qorannoon qulqulleeffataa qoratamuu danda'eera. Kanamalees qorataanis qooddataa ayyaaneffannaa kanaa ta'uun ykn hirmaata keessaa ta'uun qorannoon kun akka fiixaan buhu gumaacha guddaa godheera.

3.2.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun waallee dubbii eenyummaa amantiifi eenyummaa amantootaa ijaaranii haala qaalluu Duumessaa keessatti maal akka fakkaatu qaaccessuuf kan gaggeeffamedha. Kunis akka adeemsa itti aanuu kanaatti ragaaleen qaaceffamaniiru. Haaluma kanaan waallee dubbii sagada Qaalluu Duumessaa waraabii sagaleen argate duraa duubaan barreesseera. Kaayyoo qarannicharratti hundaa'uun yaadota ragaalee barreeffaman kunniin qoqqooduun qindeesseera. Dhumarratti ragaalee kaayyoo qarannichaa bu'uura godhachuun tartiibeffameefi qindeeffame mala akkamtaa fayyadamuun qaaccessseera.

BOQONNAA AFUR: DHIYEESAAFI QAACCESSA RAGAALEE

4.0. Seensa

Boqonnaa kana keessatti dhiyeessiifi qaaccessa ragaalee waallee dubbii fayyadama afaniihordoftoota Qaalluu Duumessaatu dhiyaata. Kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun dhiyeessiifi qaaccessi ragaalee boqonnaa kana keessatti dhiyaate qabxiilee gurguddoo sadi jalatti kan dhiyaatanidha. Isaanis: tokkoffaan Fayyadama afaanii hordoftoota Qaalluu Duumessaa, lammaffaan gahee afaan eenymmaa ijaaruu keessatti qabuufi sadaffaan waallee dubbii hordoftoota Qaalluu Duumessaa keessatti hariiroo Waaqaafi amantootaa gidduu jiru mul'isan of keessatti hammatee dhiyaatedha.

4.1. Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun naamusa ogummaalee afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, akkaataa afaan ittibaramuufi addunyaa ammayyaa'aa ta'e keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatuudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee hayyoonni adda addaa hiika garaagaraa kennanii jiru. Haala fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976) akka ibsutti: ittifayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokko yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin seerlugaan yookaan jechaan uumamu yookaan adda addummaa afaanotaa yookaan loogota gidduutti uumamu akka ta'e ibsa.

Kana malees, qaaccessi fayyadama afaanii, afaan dagaagsuufi hubannaa kennuu irratti shoora guddaa qaba. Ga'ee fayyadamni afaanii jiruufi jireenya dhala namaa keessatti taphatu balballoomsuu keessatti giddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojii irra oolmaa isaa kan qoratuudha. Kanaaf, yaada kanarraa kan hubatamu fayyadama afaanii qorachuun afaan tokkoo dagaagsuufii hubannoo kennuu irratti gahee olaanaa akka qabudha. Akkasumas, Goldman Rakic (1998) yaada kana gabbisu, fayyadamni afaanii gahe afaan jireenya namaa keessatti qabu hubachuu kan jajjabeessuufi aduunyaa dhugaa keessatti gahee gurguddoo afaan taphatuu kan qo'atu akka ta'e ibsa. Kanarraa kan hubatamu, fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatani dhufan hiikuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu akka danda'uufi gahee guddaa kan inni taphachuu danda'uus yoo haalaa ofeeggannoo qabuun kan ittidhimma bahaman ta'edha. Kana keessatti ammoo kanneen naannoofi biyya sana hogganaan gaheen isaanii olaanaadha.

4.2. Qabiyyee Afaanii Hordoftoota Qaalluu Duumessaa

Uummanni Oromoo eenyummaa Waaqaa yeroo ibsu, uumaa waan hundaa, isa guutuufi hir'ina hinqabne, Tokkicha maqaa dhibbaa, Gurraacha garaa garbaa, Leemmoo garaa taliilaa jechuun eenyummaa Waaqaa ibsa. Amantoonni ykn hordoftoonni Qaalluu Duumessaas weedduufi kadhannaan gara Gimbii ykn Galma Qaalluu Duumessaa deemuun Waaqa isaanii faarfachuufi kadhachuun niwaaqeffatu. Sagaleen afuura waaqaas karaa Ayyaantuu nihimamaafi.

4.2.1. Weedduu Keessatti

Fayyadamni afaanii hordoftoota qaalluu duumessaa weedduu keessatti haala garaagaraatiin kan dhihaatu yoo ta'u, fayyadamni afaanii weedduu sana keessatti mul'atan: galateeffannaa, kadhannaa, hawwiifi dheekkamsa fa'aa kan dabarsaniidha. Kanaafuu fayyadamni afaanii weedduu keessatti bakka garaagaraatti qoodamuun haala armaan gadiitiin kan kaa'amaniidha

A. Weedduu Galateeffannaa

Fayyadamni afaanii weedduu galateeffannaa keessatti hordoftoota qaalluu Duumessaa biratti haala ittiin mul'atan keessaa tokko galateeffannaa keessatti kan mul'atuudha. Weedduuwan kanneenis haala armaan gadiitiin kan kaa'amaniidha.

(1)

1. *Somboo dhooqaa*
2. *Hirkoo doofaa*
3. *Wahimaa nagaan ooltee?*
4. *Hirkoo hiyyeessaa*
5. *Yaa Abbaayyee Duumee*
6. *Sanyii Warra Garbaa*
7. *Isa Siidaan tarree*

Akkuma (1)1, 2fi 3 irratti dhiyaatetti, somboo dhooqaa, hirkoo doofaa, jechuun Waaqayyo abbaa rakkattootaa, abbaa garraamotaa (qajeelotaa) kan jedhu bakka bu'a. (1) 3 irratti immoo Wahimaa nagaan ooltee? jechuun immoo abbaa malaa ykn abbaa fala ykn hiikoo jechuun hiikama. Kunis Rabbi hirkoo rakkattootaa, abbaa dhala namaa, kan rakkateef falakennukan dandeessu sin dubbisa ykn kadhada jedhanii yeroo amala Waaqayyo qabu himuunfaarsanidha. Walumaa galattiweedduun armaan olii keessatti galateeffannaan kan ibsame yoo ta'u, bu'aa inni namootaaf buuse galateeffachaa, isa dhufu immoo eeggachaa kan galateeffatamuudha. Kanamalees akkuma (8) 6 jalatti dhiyaatetti Sanyii warra Sarbaa Irreessoo, inni jedhus haaluuma walfakkaatuun weedduudhaan Ayyaantuu qe'ee isaaniitti argamu bakka

Gimbii/Galma isaa dhaquun guyyaa waaqeffannaa mana amantichaatti argamuun akka inni gosa qaalluu warra waaqarraa bu'ee ta'eetti yeroo faaruudhaan jajatan kan mul'isudha.(8)7 irratti isa Siidaan tarree jechuun ayyaantuun iddoo waaqeffannaa ykn Gimbii qaalluu bakka baay'eetii qabaachuusaa mul'isa

Weedduun kun kan weeddifamu gaafa facaasaa (guyyaa Torbii Duumessaa) galgala namoota waaqeffachuu dhufan hundi isaanii akka ayyaanni qaalluu danboobuuf ykn dhalatuuf niweeddisu. Kan jeekkarsicha dhahu, bulteewwan keessaa nama weedduu ykn jeekkarsa sana sirriitti qomatti qabatee beekutu dhaha. Uffanni isaan uffatan uffatuma yeroo mara uffatan yoota'u, meeshaan ittiin jeekkarani immoo nigaaritaafi dawwana (meeshaa muuziqaa akka dawwaliitti) iyyu qabatani iyyisiisaa furda galma keessaatti naannahanii, yoo barbaadan ka'anii shubbisuun, yoo dadhaban immoo taa'anii weedduu qofaan weeddisuun faarfatu.

B. Kadhannaa Keessatti

Kadhannaan adeemsa ayyaana dhuftee boruutiif imaanaa kaawwachuuti. As keessattis fayyadamni afaanii qaalluu Duumessaa keessatti hirmaattota irraa hubatamu faaru armaan gadii keessaa yaa ilaallu:

(2)

57. *Daallee Buunaa biyya oofa durii*
58. *Nisagannaa warri moofaan xurii*
59. *Gaariin mana kee buliihoo*
60. *Jaldee buunaa biyya oofaa daree*
61. *Ciccitteetti fuuloon fardaa*
62. *Nuu gamteetti maal nuuf maltaa?*
63. *Ukaa qalaaxee ormaa kanaatee*
64. *Anoo maassanaa jiraa*

Akkuma (2) 57fi58 irratti dhiyaate irratti, fayyadamni afaanii 'Daallee buunaa biyya oofaa durii', 'Nisagannaa warri moofaan xurii', 'Gaariin mana kee bulii' jechuun, warri cubbuu qabnu biyya qaalluu beekamaa deemnee cubbuu keenyaaf waaqa keenya kadhannaa, warri nuti qulqulluudha ofiin jettan immoo hinsagadiinaa taa'aa jechuudha. Akka (2) 61, 62, 63fi 64 irratti dhiyaatetti, 'Ciccitteetti fuuloon fardaa', 'Nuu gamteetti maal nuuf maltaa?', kan jedhu kun homaa nuuf hintolle; hinmilkoofne; dadhabneerra; abdii kunneerra; (2) 63 irratti immoo 'Ormaa kanaatee' jechuun kan namaaf rifachuu dand'u si (2) 64 irratti 'Anoo maassanaa jiraa' jechuun, rakkadheen si waamaa jira; sitti watwaataa jirana dhaqqabi jechuudha.

C.Hawwii Keessatti

Hawwiin karaa ittiin fuulduree ofiitti waan gaariifi qajeelaa ittiin tilmaaman, gaarummaafi fedhii gara fuulduraa ittiin ibsatan, waa'ee namaafi sa'aa, guddaafi xiqqaa karaa ittiin kadhatan ta'uu hubanna. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii weedduu hawwii ibsu keessatti hordoftoonni Qaalluun duumessaa dhimma itti bahu haala armaan gadiitiin taa'ee jira.

(3)

- 45. Jilbaanan adeemaa kaa*
- 46. Waa himaan kajeela kaa*
- 47. Saganni Rabbiif kan toluu*

173. Duumessaan rakkoo kan furuu

174. Siidaaf furda keet naannofnaa

175. Boruuf ergaa dhaammannaa

Weedduu armaan olii irraa akka hubatamutti fayyadamni afaanii 'Jilbaan adeemaa' jedhu kana keessatti mul'atu, kabajaafi safuu ayyaanichaa ibsuu, kana malees, sirriitti sagaduun kan isatti bulan ykn amanan ta'uu mul'isuu isaanii agarsiisa. Akkuma (3)46 irratti dhiyaatetti 'waahimaan kajeelakaa' jechuun Ayyaantutti yoo baqatan hiikoofi faloo kan argatan waan ta'eef itti baqachuun, Waaqaan barbaaddachuun fedha jechuudha. Akkuma (3)47fi 173 irratti dhiyaatanitti walduraa duubaan "Saganni Rabbiif kan tolu" jechuun kan sagadamuuf Waaquma qofaaf akka ta'e hubachiisuu isaati. "Duumessaan rakkoo kan furu" jechuun immoo, Waaqayyo inni sagadaniif abbaan furmaataa isa ta'uu mul'isa. Haaluma (3) 174fi 175 irratti dhiyaatetti, "Siidaafi furdakeet naannofnaa" jechuun iddoo Ayyaanni Waaqayyoo itti argamu Galmaafi naannoo Gimbii ala iddoo Ayyaantuun itti awwaalamu bakka ayyaanni Waaqaa itti argama jedhamee amanamutti sagadu jechuudha. "Boruuf ergaa dhaammannaa" jechuun immoo, kan si waammannu hr'aaf qofa osoo hintaane abdii boruufis si amanna jechuudha.

D. Dheekkamsa Keessatti

Fayyadamni afaanii dheekkamsa keessatti jechoota garaagaraatiin hirmaattotaaf ergaa akeekkachiisaa dabarsuuf ta'a. Haaluma kanaan qaalluu Duumessaa keessatti fayyadamni afaanii weedduudhaan dheekkamsa ibsuuf akka armaan gadiitti dhiyaateera.

(4)

- 176. Buliin kana jaaladha*
- 29. Duumessaa yaa ilma rabbi*
- 177. Dheekkamsaan nafiute qalbii*
- 178. Kan buluu wallaalle torbii*
- 179. Ijjii kee guddaadhaa argii*
- 180. Duumessa maqaan guddaa*

181. Yaakkamaas qabdeetu fiddaa

Weedduu armaan olii keessatti duumessa yaa ilma Rabbii jechuun waaqni kabajamaa ta'uu isaa ibsuuf, dheekkamsi yaada mufannaa ayyaanaa ibsuuf, ijji kee guddaadha jechuun beekamtii ayyaanichaa olkaasuufi yaakkamaas qabdeetu fiddaa humnaafi aangoo ayyaanichaa beeksisuuf bakka bu'e.

4.2.2. Fayyadama Afaanii Qaalluu Duumessaa Himtee (Dubbi Waaqaa) keessatti

Fayyadama Afaanii qaalluu duumessaa amantoota isaatiif dhimmoota garaagaraa irratti himtee gaggeessa. Haaluma kanaan ayyaantuun Qaalluu Duumessaa qulqullummaan waaqa kadhachuun, waaqa kan namarraa araarsuufi yoo dhukkubsatanii bira dhaqan yaa waaqi ati barruu keetiin qaqqabadhuutii naa fayyisi jedhee kan waaqa namaaf kadhatuudha. Waaqa jala dhaabbadhee si kadhadhaa erga dhuftee narra bulte nama kana fayyisi, jedhee qulqullinaan kan waaqa kadhatuudha. Dubbiin Waaqayyoo Ayyaantuudhaan himamukunis hordoftoota Qaalluu Duumessaa irraati humana waa uumuu, waa jijjiiruu danda'a. Waaqayyo waan hunda raawwachuuf humna eenyumarraayyuu hinbarbaadu, Karoorrifi akeeknis kanumasaati. Kanaaf Waaqayyo dhala namaa gargaaruuf ykn fayyisuuf, waan rakkatanhundaan bira dhaabbachuun hojii isaati. Haaluma kanaan Ayyaanni Qaalluu Duumessaas amantoota rakkatanii gara isaatti baqataniif furmaanni harkuma isaa jira. Aangoon fayyisuus harkuma isaati. Hordoftoonni amantii kanaas sagada gubbaatti karaalee gurguddoo sadiinfala ykn hiikoo Waaqarraa argatu. Isaanis: 1, Fayyina dhaamsa Waaqayyo himuuf. 2. Fayyina qoricha habashaa kennamurrattifi 3. Fayyina warajoo hidhachuun argamudha. Dhimmoonni kunis tartiibaan akka itti aanutti dhiyaatanii jiru.

4.2.2.1. Fayyadama Afaanii Fayyina Dhaamsa Waaqayyoon Himamuun walqabatu

Waaqeffattoonni Waaqarraa fala ykn hiika argachuuf kadhannaa Waaqa isaan uumesanawaliin taasisuu. Kadhannaan amantootaas akkaataa aadaa, duudhaafi dhugeeffata hordoftoota qaallichaan yoo ta'u, haaluma kanaan akka sirna Gadaatti waaqeffattoonni amantii Qaalluu Duumessa hordofan, Waaqa isa uumeefi tiksee isa jiraachisu Weedduutiin faarsuun isa qananeeffata, dhibdeefi rakkoosaafis hiikoo ykn fala Waaqasaanii gaafatu. Waaqni isaan kadhatanis karaa Ayyaantuun (Qaallichaa) deebii kennaaf. Haaluma kanaan hiikoo amantootaaf argame fayyadama afaaniin akka itti aanutti ilaalamee jira.

(5)

110. *Bahaa baqaqsii guyyaa Jimaataa gidduu bahii baqadhuseerasaatijedhi.*

118. *Jalqaba jalqabii afuura ittibaafadhu mangadaarra buusii, Ateeteen boroo koo mangadaarra naa bu'i jedhi.*

119. *Gingilchaa keessaan biiftuu ilaaliitii seerasaati jedhi kanaan waaqa sii kadha*

120. *Ulumaayii mataan hincinne guyyaa gabaa Horroo boroo keetti suuqqadhu*

121. *Jajjaba, abbayyiaduu kamisaa ofjala bulchii Jimaata iddoo wallaalaan hingenyetti.*

122. *Diffii lama guduunfii lama hiikii afuura itti baafadhuu baqadhu.*

123. *Biyyoo xuqaa bitaan mirgaan fuudhiitii guyyaa Roobii ittiin tuqsiisii iddoo wallaalaan hingenyetti gati.*

Haaluma (5)110 irratti dhiyaatetti, waallen dubbii kadhannaa amantootaa Waaqayyoo akka kataba ykn deebii dhibdee isaanii Waaqa biraa qabanitti yeroo fala (hiikoo) kennuuf kan agarsiisudha. Bahaa baqaqsii guyyaa Jimaataa gidduu bahii baqadhu jechuun rakkina si qabee si xaxee jiru keessaa bahi jechuudha. Akka (5) 118 irratti dhiyaatetti immoo ‘Jalqaba jalqabii afuura itti baafadhu mangadaarra buusii, Ateeteen boroo koo mangadaarra naa bu'i jedhi’ jechuun, jiruufi jireenya koo ganamaa, hormaatni koo namaa sa’aa ganamaa jallate, ykan kan jalqabamee karaatti dhaabbate karaatti naadeebi’i jedhi jechuudha. Haaluma (5) 119 irratti dhiyaateen, “Gingilchaa keessaan biiftuu ilaaliitii seerasaati jedhi” jechuun, Amanaan namni jalaa dhukkubsatee mana qaalluu dhaqe dhaamsi Waaqarraa dhufuuf yaada gaalee armaan olitti dhiyaate kanadha. Kunis namni dhukkubsate akka nama dukkana keessa jiruu ykn akka waan wayiin qabamee jiruuti waan ta’eef gaafa dhaamsi kun dhufeef immoo ,nama dukkana keessaa ifatti bahe ta’uusaaykn nama dhibee isaa irraa bilisa baheetti ilaalama. Akkuma (5)120 irratti dhiyaatetti, ‘Ulumaayii mataan hincinne guyyaa Gabaa Horroo boroo keetti suuqqadhu’ jechuun, Waallee hiikoo Qaalluu Duumesaa keessatti, ulumaayiin muka irreessaa waan ta’eef, irreessa mataan hincinne, jechuun kadhannaa okkolaa ykn kadhannaa hanquu ta’e Waaqayyoof hindhiyeessiin; guutuu ykn sagada mudaa hinqabne qabadhuu Waaqatti dhiyaadhujechuudha.

Akkuma (5) 121 irratti dhiyaatetti, ‘Jajjaba, abbayyii aduu Kamisaa irra bulii Jimaata of jalaa iddoo wallaalaan namaa hingenyetti gati.’Kana jechuun dhukkuba kee kana jajjabaafi baala abbayyii kanaan ofirraa bakka wallaalaan namaa hingenyetti fageessii ofirraa gati(haqi) jechuudha. Akkuma Waaqarraa falli siif dhufetti guyyaa sii dhaamame kanatti akka seeraa waaqaatti fala fudhachuu jechuudha. Iddoo wallaalaan namaa hingenyeetti gati jechuun immoo dhibeen ati of irraa gaggeessite bakka namni gahu ykn bakka kotteen namaa dhaqqabutti yoo gatame namatti darba jedhamee waan amanamuuf iddoo nama waliin walqannamuu hindandeenyetti haagatamu jechuun barbaachise. Akka (5) 122 irratti dhiyaatetti, ‘Diffii lama

guduunfii,lama hiikii afuura itti baafadhu baqadhu’ jechuun, hamaa lama sitti guduunfametti, lamaitti guduunfiitii lama ofirraa hiikii warajoo itti hidhadhuu deemi jechuudha. Akkuma (5)123 irratti dhiyaatetti, “Biyyoo xuqaa bitaan mirgaan fuudhiitii guyyaa Roobii ittiin tuqsiisiitii iddoo wallaalaan hingenyetti gati” jechuun, bulteewwan Qaalluu Duumessaa warri ta’an dhukkuba qaama irratti dhiita’u, biyyee jedhame kanaan dhiitticha akka tuqsiisan waan Waaqa irraa ajajamuufidha.WaanWaaqa irraa jajameef akkuma ajajameefitti yoo raawwatan dhibicharraa bilisa ta’u jechuudha.

Dhumarratti qorataan hirmaataa keessaa ta’uunaadaa dhugeeffata Qaalluu Duumessaafi maalummaa Qaalluu Duumessaa sirriitti beekuun hiika duuba ergaa walaloo weedduuwwaniifi hiika duuba ergaa himtee (dubbii Waaqaa) Ayyaantuun himamu ibsuuf baay’ee na gargaareejira.

4.2.2.2. Fayyina Fala Warajoo Hidhachuun argamu

Warajoo hidhachuu jechuun akka waaqeffattoota hordoftoota amantii Qaalluu Duumessatti, dhibee nama qabe tokko wayitti ofirraa haquu; kunis guyyaa Roobii, Kamisa, Jimaatafi Dilbataa waan lubbuu qabu ykn lubbuu hinqabnnitti ofirraa itti haqnidha. Fkn. Lukkuu gurraattii, cilalluuttiifi kkf dhibee isaanii ofirraa haquu jechuudha. Amanaan dhallisaa ykn ofumasaa yoo dhibame Ayyaantuun,akka waaqayyo itti mul’isetti guyyaa Roobii,Jimaataafi Dilbata Waaqeffattootaa dhibdee garaagaraa himataniif warajoo akka hidhatan taasisuun fala himaaf jechuudha.Haaluma kanaan ragaaleen fayyadama afaanii dhimma kanaan wal qabatan akka itti aanutti qaacceffamaniiru.

(6)

148. Handaaqqoo gurraattii guyyaa Dilbataa mataasaarra naannessiitii; afuuraitti baafadhuutii gad dhiisii; seerasaati.jedhi.

149.Cilalluuguyyaa Kamisaa ittikudhaamiitii Jimaata irraa hiikiitii iddoo wallaan hingenyetti gati.

Haaluma (6) 148 irratti dhiyaatee, waalleen dubbii ragahandaaqqoo gurraatti mataasaarra naannesse afuura itti baafatee akka gadi dhiisu gochuun dhibee isa qabe akka ittin ofirraa haqu taasuudha. Kunis dhkkubsatichas ta’e maatiin dhukkubsatichaa handaaqqitti ittiin dhibeesaa ofirraa haqesana yoo baddes hinbrbaadu, harkaanis lubbuu ishii hin balleesu; handaaqqitti yoo barbaadee deebisate, lubbuu ishee kan balleessuyoo ta’e immoo, dhibeen irraa haqeme sun itti deebi’a jedhamee waan amanamuuf.

Akkuma (6) 149 dhiyaatetti, waalleen dubbii hiikoo kana irratti mul'atu immoo, nama dhukkubni isaa itti cimeefi niwareersa yoota'e warajoo kana hidhachuun furmaanni tahaaf jechuuadha.

4.2.2.3.Fayyina Qoricha Habashaa Kennuun Wal Qabatu

Dhugeeffataan Qaalluu Duumessaa ta'e tokko Waaqa uumaasaafi tiksee isaa akkasumas uumaa waan maraa karaa garaagaraa kadhachuun isa waaqeffata.Karaa waaqeffannaan itti gaggeeffamu keessaa sagadaan ykn kadhaan akkasumas jeekkarsaan Waaqa isaanii waamuun Ayyaanni Waaqaaakka gabbatuuf ykn danboobee fala kennuufdha.Haaluma kanaan hiikoo waallee dubbii Ayyaana Qaalluun Duumessaa kadhannaa uummaataan danboobeefi gabbate akka itti aanutti qaacceffameera.

(7)

124. Faxaraa koo unadhu

125. Qoricha abashaa unadhu

126. Hundee kalaalaa

127. Kichuu nafuroo

128. Shinii kataba diimaatiin unadhu

129. Dheedhii dammaa

130. Sunqoo durbaa

131. Barruu keerra kaa'ii liqimsi

132. Muka bakakkaan dhahe, Qaqawwiiqaqqaammadhu

133. Hoomii, harbuu, hiddama qaxaloo, bishaan lafa hulluuqeen

134. Guyyaa Jimaataa billiitii kee lolla'dhu

135. Waratii nyaadhuutii itti tuttufi

Akkuma (7)124dhiyaatetti, Faxaraa koo unadhu jechuun, qoricha ykn dawaa ayyaantuun ayyaana waaqayyootiin amantootaaf dhibeefi rakkina isaan mudaterraa akka fayyaniif dhaamsa himuuf ykn dhaamuuf jechuudha. (7) 125.irratti “Qoricha Habashaa unadhu”jechuun,qorichi aadaa humni fayyisuu Waaqayyoo keessa goree dhimma baasuu danda'u fudhadhu jechuudha. Akkuma (7)129 dhiyaatetti, Dammiifi sunqoon durbaa uumamaan hawaasa biratti qorichummaaf nifayyadu.Garuu akka waallee dubbii waaqayyoo ayyaana Qaalluu Duumessatti immoo humni fayyinaa amantoota dhibamaniif addatti kan ajajamudha. Waaqayyoo humna ykn amala wantoota keessa goruun ykn sababfachuun nama fayyisuu qaba jechuudha. Kanaaf hordofoonni fala barbaacha gara ayyaana Qaalluu Duumessaa dhaqan dhaamsa Ayyaantuun akka Waaqni itti mul'isetti dawaa himeef gaafa fudhatan Waaqayyoo akka isaan fayyiseetti beeku ykn fudhatu.Haaluma kanaan falattoonni dawaa ayyaantuun Waaqayyoo ittimul'ise barbaaddatanii lamaansaa barruu harka isaanii irra kaa'anii yoo liqimsan akka fayyan kan dubbatudha

(7) 126fi 127 irratti walduraa duubaan dhiyaate, hudee kalaalaafi kichuun nafuroo waallee dubbii eenyummaa amantii qaalluu Duumessaa ibsuu keessatti hordofoota ayyaanichaaf muka fayyinni Waaqayyoo keessa darbu ta'ee kan tajaajilu ta'uu agarsiisudha.(7) 128 irratti dhiyaate, “Shinii kataba diimaatiin unadhu” gaaleen jedhu kun waallee dubbii eenyummaa qaalluu Duumessaa ibsuu keessatti yoo ilaalamu,shiniin kataba diimaa qabu kun ayyaanni Waaqayyoo akka fayyinaatti keessa darbudha.Ayyaantuufis bunnii isuumaan buusamaaf.Shiniin kataba diimaa kun akka qodaa eebbaa ta'ee ayyaana qaalluu Duumessaa keessatti dhiyaata. Karaa biraa shiniin kataba diimaa waallee dubbii eenyummaa amantii ayyaana duumessaa ibsuu keessatti akkuma ixaanni yoo aarfame ayyaanni qaalluu qajeelee dhalatutti, bunnii danfes kan inni ittiin dhibaafatamu shinii kanaan yoo ta'e aarsaan Waaqaaf dhiyaatu kanaan fudhatama ykn akka bunaatti urgaa'ee Waaqa biratti fudhatama argata jedhamee waan yaadamuufdha.Kanaaf shiniin kataba diimaa qodaa ayyaantuun dawaa/qoricha Waaqni ittimul'ise dhukkubsattootaaf ykn miidhamtootaaf akka isaan ittiin dhugan kan ajajamuufdha.

(7) 133 irratti gosootni biqilootaa akka hoomii, harbuufi hiddamaqaxaloo kunneen waallee dubbii eenyummaa qaalluu Duumessaa ibsuu keessatti gosoota mukkeenii Waaqayyoo qorichummaaf itti gargaaramu ta'uusaa hubanna. Haaluma kanaan bishaan lafa hulluuqeen guyyaa Jimaataa billiitii kee lolladhu jechuun hordofoota amantichaa dhiibee ykn rakkoo fayyaa himataniif falli bishaan lafa hulluuqeetti dhiqadhuu sirraa lafa fagoo hulluuqee haagodaanu ykn haadeemuu jechuudha. Akkuma (7)20 irratti dhiyaatetti, Muka Waaqayyoo fayyinaaf akka sababaatti itti dhimma bahedha. Mukti kunis qoricha ykn dawaa haala ergaa Ayyaantuurraa fudhataniin kan gargaaraman yoo ta'edha.Kunis ayyaantuun akkaatuma Waaqni itti mul'seen muka bakakkaan dhaheefi muka qaqaawwii yoo qaqaammaman, dhibee isaanii irraa akka fayyaniif ergaa waaqarraa dhufeef tahuusaa dhibamtoonni amananii fudhachuusaanii kan mul'sudha. Kunis ta'uu kan danda'u wanti Waaqarraa dhaamamu kan nama fayyisu ta'uu amananii yoo fudhatanidha.

4.2.3. Fayyadama Afaanii Malleen Dubbii Keessatti

Malleen dubbii karaa ittiin ergaa dhokataa yookiin iccitii ittiin dabarfatanidha. Haaluma kanaan qaalluu duumessaa keessatti fayyadama afaanii malleen dubbiiin dhihaatan haala armaan gadiitiin kan kaa'amanidha.

4.2.3.1.Bakkasaa

Fayyadamni afaanii ragaalee Torbii Qaalluu Duumessaa irraa fudhachuun mataduree kana jalatti ilaaluun qaaceffame bifa amala Waaqayyoo mul'suun ilaalame. Bifti fayyadamni afaanii kun ittimul'atans bifa malleen dubbii keessaa iddeessaanidha. Iddeessuun wantoota amalaan wal-fakkeessanii ibsuun amala waan tokkoo isa birootiin bakka buusanii ibsuudha. Malli dubbii iddeessaa jedhu gaalee "iddoofi isaa" jedhurraa ijaaramee waan tokko guutummaan guututti amala waan biraa gonfachiisuun kan dhiheessudha. Kanuma deeggaruun Addunyaafi Kaawwan (2005:82) yoo ibsan, "Akaakuun malleen dubbii kun tokkummaa wantoota lamaa fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessootti waldorgomsiisuudha. Jechichis kan uumame jechoota "Iddoofi isaa" jedhaniirrati" jechuun ibsaniiru. Yaada kanarraas wanti hubannu, gosti mala dubbii kanaa karaa dhokataa ta'een wantoota lama waldorgomsiisaa amala waan tokkoo waan biraan bakka buusuun ibsuuf kan tajaajiludha. Kunis ergaa waan dubbatamu tokko hubachuuf waan isa biroon bakka buufame sanarratti hundaa'uun kan hubatamudha. Yaaduma kana cimsuun (Lawrence 1972:11) haala armaan gadii kanaan ibsa.

This definition ties in with the notion of metaphor (one type of figurative language) as defined in traditional rhetoric. The word itself derives from the Greek "meta" expressing change, and "pherein" meaning "to carry" (In other words, metaphors involve a "carrying across" of meaning from one object to another. Thus, a comparison is made between two essentially dissimilar things by identifying one with the other jechuun ibsa.

Kanarraa hubachuun kan danda'amu jechi iddeessu kun maddisaa Giriik yemmuu ta'u, wantoota gosaan wal hinfakkaanne lama waldorgomsiisuun amala waan tokkoo waan biraan bakka buusuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Kunis ergaa waan dubbatamu tokko hubachuuf waan isa biroon bakka buufame sanarratti hundaa'uun kan hubatamuudha. Waalleen dubbii fayyadama afaanii jeekkarsa Torbii Qaalluu Duumessaa irratti jeekkaraman haala itti aanuun qaaceffameera.

(8)

20. Sanyii'uu bareedaa

21. Martuun gurra darbuu

30. Duumssaa ya'ilma rabii

58. Hinsagannaa warri moofaan xurii

59. Gaariin mana kee turii hoo

39. Qabaron guyyaa yaatii

40. Booyeen dur waraabessaa

41. Nagaron guyyaa Waaqii

42. Booyeen suma raatessaa

44. Naannayee naanaatuuree Giddoo koo yoona!

- 45. Jilbaan adeemaa
- 46. Waa himaa kajeelaa
- 47. Waan naaf malu hinbeekani
- 87. Fayyaa natti caalchisii
- 88. Fayyan dhukkubbii hinqabu hoo

Haaluma, (8) 20 irratti dhiyaateen, fayyadamni afaanii jeekkarsa kana keessatti mul'atu amala WaaqayyooAyyaantuugonfachiisuun kan faarfatamedha. Kunis 'sanyiifuu bareedaa' gaaleen jedhu ka'umsumarraa ykn achuumaa as dhufteen keessan warra gaarii, bareedaa kan hir'ina hinqabne sanyii warra Waaqayyo tolchee ykn bareechee uume keessatti argamta jechuun Ayyaantuuf amala waaqayyoo kennuufiin yeroo waldorgomsiisan agarsiisa.Akkuma (8) 21 irratti arginutti 'Martuu gurra hindarbu' kan jedhu Ayyaantuun ykn Qaallichi shaashii (wanti mataatti marate) martuun akka irraa bareedu himuu isaati. (8) 30 irratti immoo Duumessaa ya' ilma rabbi jechuun ati uumamni ykn argamni kee waaqayyoorraa ta'uu uhubachiisa.Egaa waalleen dubbii gaaleewwan jeekkarsa olitti dhiyaatan keessatti argamanamalli Qaallichaa amala Waaqaan kan bakka bu'ame ta'uusaa nu hubachiisa. Akka(8) 58 irratti dhiyaatetti, "Hin sagannaa warri moofaan xurii" jechuun, fayyadama afaanii jechamaan mul'atedha.Kunis fayyadamni afaanii dhoksaan isaa yoo ilaalamu nuti warri cubbamooni nisaganna jechuudha.(8) 59 irratti immoo, "Gaariin mana kee turii" jechuun warri cubbuun hinxuxuqamne jechuudhaan hiikama.

Akkuma (8) 39, irratti dhiyaatetti, faaruun ykn weedduun "Booyyeen dur waraabessaa" jedhu gaalee fayyadama afaanii gosoota malleen dubbii iddeessaan (metaphor) ilaalamudha. Akkuma jalqabarratti kaasamuuf yaalametti iddeessuun wantoota amalaan wal-fakkeessanii ibsuun amala waan tokkoo isa birootiin bakka buusani ibsuudha. Haaluma kanaan gaaleen walalo Weedduu hordoftoota Qaalluu Duumessaa keessatti argamu kun bineessotaa lamaan amalaan walhinfakkaanne bakka wal buussuun waamuudha. Fkn amala booyyeen qabdu dabarsanii waraabessaaf kennuun booyyee waraabessa taasisuu.

Akkuma (8)39, 40, 41fi 42 jalatti dhiyaatetti, Uummanni Oromoo akka dhugeeffata isaatti gosoota bineessotaa keessaa qabaroofti waraabessa akka amajaajii ykn mortuudhaan iddeessu. Kanaaf diinotni koo yoo namarsaniyyuu, kan ani amanadhe dabarsee isaaniif na hinlaatu; guyyaan ani diinota korratti moo'icha argadhus gaaf tokkodha; hangasitti obsaan Waaqa koon eeggadha kan jedhu nutti mul'isa. (Diinotini koo akkanumaan natti marsu malee akka na hinargaanne,kan jedhuufi Waaqayyo immoo guyyaa tokko diinotakoorratti moo'icha akka naaf kennu nan amana ykn nan abdadha; hagasitti jabaadhee Waaqa koo waamuutuu narraa eegama)

kan jedhudha nu hubachiisa. Haala (8)44fi 45 jalatti dhiyaatetti, waalleen kadhannaa kana keessatti argamu immoo, marmaaree, deddeebi'ee, akka daa'ima jilbaan deemee sagadee yoon si waammadhe, dhibee koof fala ykn furmaata hindhabu kan jedhu nu hubachiisa. Akka (8)46fi 47 jalatti dhiyaatetti, 'Waahimaan kajeelaa waan naa malu hinbeekani' Waaqayyo, abbaan malaa, abbaan fala, abbaan furmaataa isa kana hundaa of harkaa qabuun waamaa (kadhadhaa); rakkoo kiyyaaf furmaata harka Waaqayyoo guutee jiru irraa waan inni naaf kennu hinbeekamu isuman waammadha (isuman kadhadha) jechuu nutti mul'isa. Akkuma (8)87fi88 irratti dhiyaatetti, 'Fayyaa natti caalchisii, fayyaan dhukkubbii hinqabu hoo.' Waalleen dubbii as keessatti mul'atu immoo, akkuma Oromoon yeroo makmaaku, "Namni nagaa qabu nagaa abjata" jedha ykn "Fayyaan faaya" jedha waalleen faaruu ykn kadhannaakana keessatti yaa Waaq fayyaa natti caalchisi yoon fayyaa qabaadhe waan hundumaa qabaa; waanan dhabu hinqabu; kanaaf fayyaa naaf kenni jechuun yeroo Waaqa kadhatu nutti agrsiisa.

4.2.3.2. Ateessa

Ateen waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnuudha. Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun (1992: 116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera.

Ateen waan nu bira hinjirre tokko namas ta'ee namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jirani nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuun, marii wajjin taasisuun, haasofsiisuu, qaaqsuu, gaddisiisuun yookin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun kan danda'amu, dhala namaas ta'ee lubbb-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiyyuu kan nutti dhihoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasa'uun kan danda'amuudha. Adeemsa akkanaa keessattis wanti namatti dhihoo hintaane tokko akka deebii namaaf kennuu dnda'uufi dhagahuu danda'anitti dhiheessuun kunimmoo akaakuu malleen dubbii keessaa ate jedhama. Fakkeenyaaf:

*Sibeeka yaa Rabbii
Rabbii yaa gumgumaa
Yaa dhirsa hundumaa
Roobdee dhimmisiistaa
Jeejee dhimimsitaa !(Maddi afoola uummataati)*

Walaloo keessatti yemmuu dhalli namaa Uuman akka waan isa bira jiruufi dubbiisaa dhaggeeffachuu danda'uutti waa'ee Waaqaa yemmuu Waaqatti himuhubachuun kan

danda'amuudha. Kana jechuun namni Waaqa ijaan argee beeku jiraachuu baatullee rabbi jiraachuusaa wantootni lafarra jiran kun ragaadha. Haata'u malee , namichi kun dubbiin isaa kun rabbi akka isa dhagahuuf kan dubbateedha. Kanaafuu, waan namatti dhihoo hintaane tokkoofi hiixuu ta'anitti dubbachuufi haasa'uun ateedhaan ilaalama.Haaluma kanaan jeekkarsi manaamantii Qaalluu Duumessaa keessatti argamu akka itti aanutti qaacceffamaniira.

(9)

24. *Ato teessee natti boontaa*

25. *Anoo dhaapheen sitti booyaa*

26. *Dhugaa koo moo dhugaa kee caala yamaree hoo*

48. *Hataatu jirbii footi*

49. *Jirbii qanxabaa footi*

50. *Haataatu hixii kooti*

51. *Hixii ganamaa kooti*

Akkuma (9) 24,25fi26 jalatti kaahametti, amantoonni bakka dhugeeffannaatti argamuun yeroo waaqeffnnaa gaggeessanitti ayyaanni kadhachaa jiran yoo danboobuu/bu'uu dide, maaf na jalaa callifte? kadhaa kootu garaa si hinciibsine moo?sababni naa owwaachuu diddeef maali?jechuun yeroo komii fakkeessuun weedduudhaan kadhannaa Waaqaa gaggeessan agarsiisa. As jalatti fayyadamni afaanii mul'atu, amantoonni yeroo Waaqni isaanii akka waan isaanitti dhiyoo jiraatee ykn of birattii ilaalaa itti dubbachaa jiranii ykn haasa'aa jiranii kan agarsiisudha.

Akkuma (9)48, 49,50fi51 jalatti dhiyaatetti, fayyadamni afaanii mul'atu kadhannaan isaanii deebii dhabuu yoo hubatan kun hiree ykn carraa koo ganamaati jechuun dubbachuu isaanii kan mul'isudha.Kun immoo Waaqayyo yeroo hundumaa waan hundumaarratti yoo kadhatan akka nama hingargaarre ykn waan hawwan hunda yeroo hundumaa akka hinargane beekuun faaruun Waaqatti himuusaa nuhubachiisa. Kanaaf fayyadamni afaanii bakka kana keessatti mul'atus ate wajjin walqabachuu danda'e.

4.2.3.3.Mitihee

Wantoota waliif faallaa ta'an lamaan yaada tokko keessatti ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaruudha.Kanumarraa ka'uun, Addunyaafi kaawwan (2005:83) yoo ibsan, "Wantoota walii faallaa ta'an lamaan yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaruudha" jechuun ibseera.Ragaaleen weedduufi kadhataan Torbii Qaalluu Duumessaa irraa argaman kanneen fayyadama afaanii eenyummaa amantootaa bifa malleen dubbii imitheen mul'isan akka armaan

gadiitti argisiifamaniiru. Haaluma kanaan ragaaleen bifa kanaan qaacceffaman akka itti aanutti dhiyaataniiru.

(10)

24. *Atoo teessee nattii boontaa*

25. *Anoo dhaapheen sitti boo'aa*

26. *Dhugaa koo moo dhugaa kee caala yamaree hoo*

122. *Diffii lama guduunfiitii lama hiikiitii afuura itti baafadhu baqadhu*

Haaluma (10) 23fi 24 irratti dhiyaatetti, faaruun 'Atoo teessee natti boontaa' jedhufi 'Anoo dhaapheen sitti boo'aa' jedhu gaalee waliif faallaa ta'aniifi fayyadama afaanii eenyummaa amantoota Qaalluu Duumessaa ibsuu keessatti tokkoof Ayyaanni Waaqaa argamuu didee yoo rakkatu kan agarsiisuufi isa tokkoof immoo Ayyaanni Waaqaa argameefii itti toluusaa namatti agarsiisa. Haaluma wal fakkaatuun, (10) 122 irratti akka dhiyaatetti, 'Diffii lama guduunfiitii lama hiikii afuura itti baafadhuu baqadhu' jedhu yoo ilaalamu, guduunfuufi hiikuun waan waliif faallaa ta'anidha. Kanaaf yaanni lama waliif faallaa ta'an kunneen walfaana waan argamaniif malleen dubbii mihiteen mul'achuusaa hubanna. Fayyadamni afaanii as keessatti mul'atu, amanaan rakkina ykn dhibdee isa qunnameef fala/hiikoo argachuu kan mul'isudha. Kunis hamaa lama sitti guduunfame; lama ofirraa hiikii; lama isa sitti guduunfetti guduunfettii afuura itti baadhuutii baqadhu jechuu agarsiisa.

4.2.3.4. Irra Deddeebii (Fakkoo)

Fakkoon akaakuu malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee wantootni caasaafi hiikaan walgitan yemmuu irra deddeebi'anii galan kan itti gargaaramnudha. Maalummaa fakkoo ilaalchisee Yaadannoo (2014:89) yoo ibsu, "Fakkoon yemmuu gaalee hiikaafi caasaan walfakkaatu irra deebi'uudha. Malli dubbii kunis walaloo Hibruu, Hindootaafi Ameerikaa keessatti bal'inaan kan mul'atuudha" jechuun ibseera. Ragaaleen bifa kanaan weedduufi kadhannaa Torbii Qaalluu Duumessaarraa mul'tan akka itti aanutti dhiyaateera.

(11)

162. *Ya Maaram ya Maaram*

163. *Ati turraan na dhaananii*

164. *Ati dhufnaan na maaranii*

Akkuma (11) 162,163fi164 irratti dhiyaatetti, faaruleen kunneen jechoota caasaan wal gituun waan ijaarameef gosoota malleen dubbii keessaa irra deddeebii/fakkoo ta'uu isaa hubanna. Gama fayyadama afaanii eenyummaa amantoota Qaalluu Duumessaa mul'isaniin yoo ilaalaman,

Maaram hordoftoota amantii kanaaf akka wabii isaaniif taattetti fudhachuu isaanii kan mul'isudha. Kanaaf weedduudhaan ishee dubbisu ykn faarfatu.

4.3. Ga'ee Afaan Eenyummaa Ijaaroo Keessatti Qabu

Afaan giddu gala qunnamtii dhala namaati. Dhalli namaa afaan isaatti gargaaramee, eenyummaa duudhaafi falaasamasaa hunda kanittiin ibsatudha. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii amantii keessattis eenyummaan hawaasaa akka mul'atu taasisa. Gissillaan (2016:16), Fishman (2006) wabeeffachuun akka ibsutti, "Afaan waa'ee amantaa sanaa gadi fageenyaa ibsuurra darbee kan duudhaan amantaa ittiin ol kaa'amudha" jedha. Ibsi kun akka dubbatutti, afaan eenyummaa amantii ijaaroo keessatti iddoo guddaa akka qabu nuhubachiisa. Haaluma kanaan ga'ee afaan eenyummaaijaaroo keessatti qabu, amalli Waaqayyoo ittiin beekamu gaarummaa, qajeelumaa, amanamummaa, kan nama gargaaruufi nama barsiisu ta'uun isaa bakka hundaafi nama hunda biratti kan beekamu ta'uun isaa haalaitti aanuun ga'een fayyadamni afaanii eenyummaa amantii ijaaroo keessatti tokko tokkon ilaalameera.

4.3.1. Fayyadama Afaanii Eenyummaa Waaqaa ijaaran

Waaqayyoo gargaaraa dhala namaa hundaata'uun isaa kan yoomiyyuu; eessattuu; eenyuunuu hinhaalamedha. "Waaqaxi kan xiqqaafi guddaan, laafaafi jabaan, hiyyeessiifi soressi, gaafa gaddaafi gammachuu hundatti isa waammatan, isuma qofaas abdatanidha." jedhu Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (2018:13). Yaada kanarraa wanti hubatamu, dhalli namaa hundi bakka rakkinaa, dhiphinaafi bal'inaa hundatti Waaqayyoon waammachuufi Waaqayyoo waan hundaadhala namaa ta'uu nutti agarsiisa.

4.3.1.1. Gargaaraa Dhala Namaa

Dhalli namaa hammuma gaarummaa Waaqayyoo beeku waa'ee tolummaa Waaqaas hima. Waa'ee amala Waaqayyoo Mallisaachoo (2004: 41) akkas jechuun ibseera. "Amalli Waaqayyoo fi eenyumman isaa wal duukaa waan ilaalamuuf amalli isaa eenyummaa isaa ibsa" jedha. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii hordoftoota Qaalluu Duumessaa ijaarsa eenyummaa Waaqayyoo mul'isan haala itti anuun dhiyaataniiru.

(12)

4. *Hirkoo hiyyeessaa*

36. *Giddoo yagalaana koo*

90. *Duumee guduunfaa hiyyeessaa*

96. *Ya leenca suurraan saafaa hoo*

102. *Guduru Qobboof naate hoo*

103. *Horroo Bulluqiif naate hoo*

165. *Hirkoo gaalamootaa*

166. *Hirkoo rakkataa*

Haaluma (12) 4,90, 102, 103,165fi 166 irratti dhiyaateen, Waaqayyoo dhala namaa hundaaf hirkoo gaafa rakkoofi bal'oo ta'usaa kan mul'isuu, akkasumas rakkoo waan hundaa isaaf gargaaraa ta'uu agarsiisa. Kunis 'Hirkoo hiyyeessaa, Duume guduunfaa hiyyeessaafi Giddoo yagalaana koo' jechuun waallee dubbii fayyadama afaan amantiitiin yoo ibsamu kan nama gargaaru, yeroo rakkinaa kan nama waliin jiru, hirkoo amantootaa, abbaa furmaataafi abdi ilmaan namootaa ta'usaa kan agarsiisudha.

Haaluma (12) 96 jalatti dhiyaatetti ya leenca surraan saafaa wareen Macca qaaritee jechuun, ayyaanni kee cimaa, guddaa, ulfaataafi wanta dhala namaatti cimu ati hojjechuu waan dandeessuuf kanaaf maqaan kee biyya hundatti beekame, dhagahame jechuudha.(12) 102fi103 jalatti akka dhiyaatetti, Waaqayyo hundumaaf naate (kan Guduru Qobboof naate ykn kan Horroo Bulluqiif naate, namaaf rifachuun amala keet maaf anaaf nahuu didderee?) jechuun yeroo kadhatan kan mul'isudha. Asitti kadhannaan amantoonni taasisan kan mul'isu, Waaqayyodhala namaa hundaaf kan rifatuufi gara laafessa tahuusaa dubbachuun amala Waaqayyoo yeroo ibsan kan agarsiisudha.

4.3.1.2. Danda'aa Waan Hundaa

Waaqayyo danda'aadha jechuun, Waaqayyo waan hundumaan guutuudha; waan dhabetes hinqabu; isaaf wanti dadhabamus hinjiru jechuudha. Dhalli namaas Waaqayyo isa hundumaa qabu; isa hundumaa danda'u yoo qabaate nifayyadama malee hinbadu. Waa'ee dandeettii Waaqayyoo Maammoon (2009: 31) jeekkarsaan akka itti aanutti ibseera.

Fardi kan yaabbatanii, Waaqxi kan yaammatanii.

Jaboo jabaan amala, jabaan simalee hinjiruu

Tokkicha jedhee hindhiisu, Kuma jedhee hinsodaatu

Ajeesu gumaaa hinbaasuu, Cabsu ogeessa hinwaamuu.

Waraana malee lolee, araara malee tolee.

Yaanni barreeffama kanaa, yeroo jeekkarsi kunykn weedduun kun dalagamutti, yoomessa battalaa keessatti amalli Waaqaa jabaa tahuu isaafi cinaan kan isaa olii akka hinjirre, oolmaanamaafismurtoo barbaade kennuuf kan marii hinbarbaanneefi hinsoodaanne ta'uu mul'isa. Murtoo barbaade yoo fudhates kan hingaafatamneefi fayyisuun ykn fala kennuuf humnis beekumsis harkumasaa ta'uu kan agarsiisudha. Karaa biraa lola Waaqayyoo keessattis daboo ykn guuzni kan hinbarbaachifneefi qajeelchuuf ykn sirreessuuf marii ykn jaarsummaa kan hinbarbaanne tahuu mul'sa. Haaluma kanaan ragaaleen Torbii Qaalluu Duumessarraa waraabbiin argaman kanneen fayyadama afaanii eenyummaa Waaqayyoo ijaaruu keessatti haala itti aanuiun dhiyaataniiru.

(13)

108. Hindadhabu; madaallirra jira

111. Gufuun hinjiru, gufaanni hinjiru

142. Si hinbuusu

105. Raafuu cooma sii godha, taliila daadhii sii godha

Akkuma (13) 108, 111 fi 142, 134 irratti dhiyaatetti, hundi isaanii fayyadama afaanii eenyummaa Waaqaa ijaaruu irratti kan xiyyeeffatedha. Fkn (13) 108 irratti akka dhiyaatetti Waaqayyoo Rabbi abbaa madaallii waan ta'eef, ariitiidhaan humna isaatti fayyadamee waan barbaade ykn waan humni isaa gochuu danda'u hunda dafee hin raawwatu. Sababni isaa Waaqayyoo amalumaan obsaafi danda'aa waan ta'eefdha. Akkuma (13) 111 irratti dhiyaatetti immoo jiruufu jireenyi kee eegamaadha, hamaafi hammaataan si hinargatu, sirraan qaba jechuudha. Si hinbuusu jechuun immoo galgalli kee ganamni kee, fuuldura kee duuba kee, qe'ee kee, waatiifi maatii kee hundumaan si eega jechuudha. Akka waliigalaatti fayyadamni afaani ijaarsa eenyummaa Waaqayyoo mul'isan kun humna afuura Waaqayyoo kan ittiin waa fayyisu, jiraachisu, ooshuu, bushufi fayyisu danda'u qabaachuusaa nu hubachiisa. Akkuma (13) 105 irratti dhiyaatetti, Ati na amanadhumaleemanakee waan hundumaan na guuta, qodaa kee, gombisaa kee, huubboo/okkotee kee duwwaa ture guutuutti na jijjiira jechudha.

4.3.1.3. Tiksee Dhala Namaa

Dhala namaa eegumsa cimaa godheef kan jiraachisu Waaqayyodha. Kanaaf dhalli namaa Waaqa amanataniin tiksee cimaa kooti jedhanii kan abdataniif. Waaqayyos akkasuma hoolota issaa hamaa garaagaraa irraaqabuun tiksee cimaa tahee isaan jiraachisa. Ragaaleen kadhataafi sagada hordofoota Qaalluu Duumessaa keessatti Fayyadamni afaanii Waaqayyoon tiksee namootaa ta'uu isaa kan mul'isan akka itti aanutti dhiyaateera.

(14)

134. *Si hin nyaattu*
152. *Homaa si hin gootu*
142. *Si hinbuusu*
171. *Qoreen si hin waraantu*

Akkuma (14) 134,152, 142fi 171irratti dhiyaatetti, Waaqayyo namasaan si hin gatu, si hin buusu, si hin darbu, qoreen si hin waraantu jechuun isaa ani siif jira homaa hintaatu jechuun yeroo hoolota isaaf amanamoo tahuu isaa sagaleesaatiin itti dubbachuun abdi isaanitti horuu kan agarsiisudha. Kun immoo Waaqayyo nama eegee hamaarraa nama qabee kan nama jiraachisu tahuu hubanna. Waallen dubbii fayyadama afaanii ragaa kana Waaqayyo hordoftoota isaaf tiksee amanamoo tahuu mul'isu.

4.3.2. Fayyadama Afaanii Aangoo Waaqayyoo Mul'isan

Waa'ee guddummaa Waaqaa beektonni amantii yeroo dubbatan “Waaqaan eenyuuyuu kan qixxaatu hinjiru” jedhu. Kun dhugummaansaa yoo ilaalamu sirrii ta'uunsaa shakkii tokkollee hinqabu. Sababiin isaas Waaqxi Uumama uumama hundumaan ol akka ta'e waan beekamuuf. Kanaafi dhalli namaa Waaqa uumama hundaa ol ta'e kanakan waaqeffataniifi itti bulan. Waaqa waliin jiraachuun kan dandeenyu, seera Waaqaaf lafaaf yoo abboomammedha. Uummanni Oromoos dhugeeffatasaa keessatti safuu, aadaafi duudhaa Waaqaaf ittii abboomamu qaba. Waaqaaf aboomamuun aangoo Waaqayyo uumamasaa irratti qabu eeguufi kabajuu jechuudha. Waaqayyoo aangoo waa gochuu danda'u qabaachuusaa Eller (2007:65) irratti yoo ibsu, “For questions becomes what is religions language does, and unfortunately the doing of religious saying legion. Persons including in religious practices and that includes saying religious sounding things, or using specifically religious language may be doing any many things. Yaanni kunis namoonni shaakala amantii keessatti, afaan ykn jechi amantii keessatti dubbatamu akka waa hojjechuu danda'uutti kan ilaalamu ta'uu hubanna. Kanaaf jechi amantii keessatti dubbatamu aangoo amantaa sanaan argate waliin ilaalama malee sadarkaa hiika kallattii jecha sanaan qofa akka hintilmaamne hubachiisa.

4.3.2.1. Fayyadama Afaanii Aangoo Haadhummaa

Waaqayyo amala ittiin beekamu keessaa dhala namaa akka haadhaafi akka abbaatti gargaaruudha. Knaaf namni hundumtuu Waaqayyo akka haadhaafi abbaatti nagargaara jedhee raga kanbahuuf. Kana wajjin walqabatee akka amantii Waaqeffannaatti Maaram aangoo

Waaqayyo kenneefiin nama tajaajiltu akka dandeessu dubbatama. Yaada kana Dirribiin (2016) yoo ibsu, “Akka hordoftoota amantaa Waaqeffannti (HAW) Ayyaanni Ateetee, ayyaana Maaram ishii sanyiifi hormaata qajeelchitu kabajachuuf ayyaanef fatamudha” jedha. Kuns Ayyanni Maaram ayyaana dubartootaa sanyiifi hormaataa qjeelchuuf gargaaru ta’uu nuhubachiisa. Kanaaf mana amantaa qaalluu Duumessaa keessatti Ayyaana kana dhugeeffatu ykn kadhatu. Haaluma kanaan ragaaleen Torbii Qaalluu Duumessaa irraa argaman kanneen fayyadama afaanii haadhummaa Maaram kanmul’isan qorataan as jalatti akka ilaalamutaasisera.

(15)

10. *Torbii buunaa yaayyookoo torbii buunaa*

11. *Trbii leenci rabbii marmaaree hoo*

13. *Torbii keettan si argee marmaaree hoo*

14. *Torbii keetu caalaa marmaaree hoo*

22. *Trbii leenci Duumee marmaaree hoo*

Akkuma (15) 10 jalatti dhiyaatetti ayyaana qaalluu Duumessaa biratti ayyaanni Ateetee akka kadhatamu nuhubachiisa. Kunis gaafa guyyaa dhugeeffannaa ykn guyyaa kudarfee ayyaanni Maaram akka hormaanni qajeeluuf sirriitti kadhatama. Kanaaf guyyaa kadhannaa kan kee marmaaree sikadhadhee si argadhe jechuun weedduun galateeffatu. Haaluma (15) 11,13fi14 jalatti ibsametti Torbii Duumessaafi kan Maaram wajjin wal bira qabee yoon ilaalu, kan kee ni caale ykn kan kee natti tole jechuun yeroo amantoonni jajachuun faarfatan agarsiisa.

4.3.2.2. Fayyadama Afaanii Aangoo Abbummaa Waaqayyoo Mul’isu

Amantii keessatti jechoonni aangoo amantii mul’isan niargamu. Jechoonni amantii keessatti aangoo mul’isanis haala fayyadama afaanii amntichaa keessaatiin ilaalama. Aangoon waallee dubbii keessatti dhiibbaa uumuu nidanda’a.

Critical theorists and those influenced by them speak for example of discourse power. Analysis of the relation between discourse and power thus, we first find that access of specific forms of discourse eg. Politics and religion, its self power resources. The bodies of religiously powerful humans are frequently thought to carry power. (Schiffrin, Tanel and Hilton (2001:355fi Eller, 2007:68)

Yaanni kunis qaaccessa waallee keessatti waalleefi aangoo walitti fidanii ilaaluun barbaachisaadhaa akka ta’e ibsa. Kunis waallee dubbii keessatti aangoon dubbii dabbatamu tokkorratti dhiibbaa gochuu waan danda’uuf jechuudha. Aangoon waallee dubbii tokko keessatti mul’atu immooa hubatamuuf warren madda aangoo ta’uu danda’an fakkeenyaaf kanneen akka siyaasaafi amantii adda baasuun gaarii ta’uu addeessa. Haaluma kanaan namoonni amantii

keessatti olaantummaa adda addaa qaban akka aangoo qabaniitti of himu jedha. Kunis dubbii isaan dubbatan aangoo Waaqarraa isaanif kennameen kan dubbatan ta'uu agarsiisa jechuudha. Haluma kanaan ragaaleen armaan gadii kunneen haala kamiin aangoo Waaqaa mul'isuu akka danda'n kanatti aansinee ilaalla.

(16)

167. *Duumee dhirsa Booranaa*

168. *Nooruu galma kee dhufee*

169. *Jawwee kee irreeffadhee*

170. *Jawwee naaf sirreeffadhu*

171. *Coqorsaan irreeffadhee*

172. *Coqorsa loowaa lolii*

Haaluma **(16)** 167 irratti dhiyaateen, gaaleen 'Duumee dhirsa Booranaa' jedhu keessatti fayyadamni afaanii argamu, Waaqayyoo abbaa nama hundumaa, abbaa uummata bal'aa ykn abbaa ijoollee Oromoo yaada jedhu of keessaa qaba. As keessatti Waaqayyoo ykn Qaallun Duumessaa uummata Oromoo baay'eef akka abbaatti kan gargaaru ta'uu nu hubachiisa. Akkuma **(16)** 168 irratti dhiyaatetti immoo, "Nooruu Galma keen dhufee" jechuun waaqeffannaaf ykn sagadaafan sittindhufe, sibaarbaachan dhufe naaf argami jechuudha. **(16)** 169 jalatti immoo 'Jawwee keef irreeffadhee' jechuun humna Waaqayyoo humna jawweean wal bira qabuun yeroo ilaalamu, jawween humna baay'ee cimaa nama miidhu qaba waan ta'eef isaan wal biraqabuun Waaqa cimaa waan hundaa gochuu danda'un waaqeffadha jechuudha. Kanaaf yaa Waaqayyoo atis jawwee na sirreeffadhu jechuun immoo gaarummaa kee ykn tola keen naaf mul'adhu jechuudha. "Coqorsaan irreeffadhee" jechuunis haaluma walfakkaatuun Coqorsis 'irree'dha waan ta'eef irree kee cimaa akka coqorsaa kana barbaade jechuun coqorsa loo'aa loli jechuun weedduudhaan guddummaa ykn abbummaa Waaqaa mirkaneesu.

4.3.2.3. Aangoo Qajeelchuu/Sirreessu

Waaqni hunda uumaadha. Akka amantii Waaqeffannaatti kan ruudaafi dachii, nama, bishaan, aduu, urjii kkf kan uume Waaqa tokkicha. Waaqani waan hundaa tolcha; qajeelcha; danda'a, fayyisaafi kan bakka hundatti argamudha. Maatii Sabaa (2006:40) akkas jechuun ibsa, "Waaqa jechuun uumaa (the creator) jechuudha. Isa waan hundaa gochuu danda'u, Isa irree olaanaa qabu, Isa hojii isaa malee ijaan arguun hindanda'mne humna tokkicha" jedha. Haaluma kanaan ragaaleen fayyadama afaanii aangoo qajeelchuu Waaqayyoo agarsiisan akka itti aanutti dhiyaataniiru.

(17)

66. Fiigaa nama yaabaa Duumeetti hinbeekanii

67. Kan akka kee hinagarree

68. Sagaleen dhagahee

105. Raafuu cooma sii godha, taliila daadhii sii godha.

108. Hindadhabu madaalliirran jira

138. Hundumaa dandeessa gooftaa koo?

143. Colleen kee nafaana jira abbaa koo?

144. Gumaa koo naa barbaadi gooftaa koo!

147. Dhagaa gurraattii sii eebbisaa?

Akkuma (17)105,108fi138 irratti dhiyaatetti, sagada waallee dubbii aangoo Qaalluu Duumessaa ijaaruu irratti xiiyyeeffatanidha.Kunis raafuu cooma sii godha taliila daadhii siigodha jechuun, Waaqayyo humna addaa ittiin waan tokko jijjiiruu danada’u qabaachuu agarsiisa.Amantoonnis sagada isaanii keessatti ya Waaqayoo ati waan hundumaa hojjechuu nidandessa maaloo dhimma kookana adaraa nagargaari jedhanii kadhatu. Yaada kana keessatti wanti hubatamu, Waaqayyo waan hinjiree tokko kan jiraachisuu danda’uufi waan jiru tokko immoo gara waan hinjirreetti kan geeddaru ta’uusaa hubanna.Waallee dubbii kana keessattis Waaqaxi amantoota rakkatanii gara dhaqan dhabanii isatti boo’aniif furmaata ta’uu akka danda’u yeroo sagalee abdi qabuufi sagalee abbummaan isaanittidubbatu nu hubachiisa.

Haaluma (17) 144fi147 dhiyaaterratti, Gocha hamaa namni namarratti raawwateef gumaa baasuu/barbaaduu.Gooftaa koo kan dhugaa namaa barbaadu si dhugaa koo lafa hinbuusiin;qooda miidhaafi hubaatii narra gaheef hincallisiin,humna keetiin narraa rukutii gumaa koo naa argi jechuu yoo ta’u; dhagaa gurraattii naaeebbisi jechuun immoo,warra hojii jallina narratti hojetan (namiidhan) qabduu keetiin akka naaf qabaman nanabaara(nan fokkadha)naofoshi!Jechuudha. Ayyaantuunis akkuma seera mana amantiisaaniitti nama miidhaa amanaarraa geessise abaaramuu ykn fokkamuusaa mirkaneessuuf “Offoli! dhagaa gurraatti sii eebbiseera” jedhaan. Amanaan yoo fokkoon ykn abaarsi sun nama abaarame sana dhaqqabe ykn mallattoon irratti mul’ate, wareega/galchaa akka mana qaalluu sanatti galchu wareega. Nama abaarsifate sana waliin jireenya hingaggeessu; nilagata; yoolagachuu baatee nama abaare sana waliin jiraate abaarsi sun deebi’ee isuma miidha waan ta’eef.

Akkuma (17) 66,67fi68 jalatti kaa’ametti, akkum dhalli namaa guddummaa Waaqayyoo ykn Uumaatti kan gitu hinjiru jedhee amanutti, Waaqolii jiran keessaa kan akka Qaallu Duumessaa hinjiru humna dafee ariitiitiin waan tokko raawwachuu ykn hojjechuu danda’u qabaachuu kee

biyyi ykn uummanni baay'een nibeaeaka nidubbata; jabina ykn cimina kee hundatu beeka, guddummaa maqaa keetu bakka hundatti waamama kanaaf maqaan kee guddaa tahu yeroo hawaasa baay'een haasahamu dhagaha jedha.(17) 22 jalatti akka kaa'ametti, amantoonni Waaqa isaanii yeroo faarfaatan 'Torbii leenci Duumee marmaare hoo'jechuunsanii Ayyaanni Duumessaa guyyaa kudharfee isaatti kadha hordoftoota isaan kan argamuu, akkasumas Ayyana hafuura guddaan argamu kan amantoota garaa ciibsu ykn sababa suurraa guddaan isaaanitti waan dhufuuf isaanis akkasitti maqaa isaa ol kaasuun yeroo jajatan kan ml'isudha.

4.4. Waallee Dubbii Hordoftoota Qaalluu Duumessaa Keessatti Hariiroo Waaqaafi Amantootaa Gidduu Jiru Mul'isan

Amantii hedduu keessatti namni kan itti amane tokkoo uumaa koo akka jedhu beekamaadha. Haaluma kanaan uummanni Oromoo uummata sirna Gadaatiin buluufi duudhhaa dhugeeffata mataasaa ibsu Waaqa uumaa ittiin dhugeeffatufi waaqeffatukanqabudha.Kunis amantii Qaalluu jedhama.Amatiin Qaalluus amantii karaa uummanni Oromoo Waaqasaaittiqunnamuun amantiisaa geaggeeffatudha.Kanumaan walqabachuunragaansagada qaalluu torbii Duumessaa keessattitaasifame irraa fudhatame haala hariiroo Waaqaafi amantootaa itti mul'isan qabxiilee gurguddoo lama jalatti qooduun ibsameera. Isaanis tokkummaa Waaqayyoo amantootaa kan jedhauufi hariiroo abbummaafi mucummaa akkasumas obbolummaa jedhu jalatti akka armaan gadiitti dhiyaateera.

4.4.1. Irraa Jalummaa Waaqayyoo Amantootaa Ibsuuf

Sagada ykn kadhannaa Qaalluu keessaatti eenyummaan amantootaa kan ibsamu bifa tokkummaa Waaqayyoo wajjin qabaachuu amantootaa agarsiisuuni. Haaluma kana deeggaruun Eller (2007) yoo ibsu, afaan amantii (religious language) kan jedhamu qoratamuutti kan deemame erga ilaalchi dhalli namaa nama akkasaa qofa waliin osoo hintaane nama kan hinta'iin uumama hundumaan olii faanas dubbii nigodha kan jedhu guddachaa deemuudhaani jedha. Kanaaf dhalli namaa gaafa uumaasaatti dubbatee kadhatu, faarfatuufi galateeffatu jecha fayyadamee ibsatu qaba isa jedhudha.Gama Qaalluu Duumessaatiinis waalleewwan harriiroo namaafi Waaqaa ibsan baay'een mul'ataniiru. Amantoonni Waaqayyoo wajjin tokkummaa cimaa qabaachuu kan mul'isus haala itti aanuun dhiyaateera.

(18)

151. Afuura qal'oo ishee siierga

152. Araaran dhufa

153. Faantoo lafatti

154. Mataa waaqitti

Akkuma (18) 151,152,153ff154 irraatti dhiyaatetti, Hikoon waallee dubbii Qaalluu Duumessaa gaaleen afuura qal'oosheen siierga jedhu, isa rakkattee boossuuf sagalee gammachhuun sidhageessisa jechuu yoota'u, waallee araaran dhufa jedhu immoo Waaqayyoo waliin yaada tokko qabaacuu hubanna. Mataa waaqitti faantoo lafatti jechun immoo, amantii keetti jabaattee Waaqayyoon akka sagadattu, dhaabbiin miila kee ykn ejjennaan miila kee mana koo keessa akka qajeeshee dhaabbatu nasigargaara jechuudha. Kanumaan wal qabatee waallee Qaalluu Duumessaa keessatti Waaqayyoo nama hundaakan wal hincaalchisne; yaada tokkoofi gargaarsa tokko kan kennuufi nama hundaaf qajeelummaafi tolummaan ija tokkoon kanilaaluufi yeroo hunda gaarii kanooluufi tolaata'edha. Kanaafuummanni hordofoonni qaalluu Duumessaagarummaa Waaqayyoo yeroo hunda hima; Waaqayyoonis amanachuun itti bula.

4.4.2. Hariiroo Fayyadama afaanii Abbummaafi Mucummaa ijaaran

Yaanni Waaqayyoo dhala namaaf qabu yaada sammuu ilma namaatiin yaadamee bira gahamu miti. Kanaaf dhalli namaa gochaa Waaqayyoo dhala namaaf taasise, gocha abbaafi ilmoon waliif taasisuufi haatiifi ilmoon waliif taasiftu waliin wal fakkeessuun yeroo ilaalantu mul'ata. Kunis kan tahuu danda'eef hariiroon fayyadamni afaanii abbaafi ilmaa, haadhaafi ilma gidduu jiru hariiroo fayyadama afaanii Waaqaafi dhala namaa gidduuttitaasifamu waliin waan wal fakkeessani ilaalaniifidha. Haaluma kanaan hariiroon fayyadama afaanii Waaqaafi hordofoota Qaalluu Duumessaa gidduutti mul'atu, akkaataa itti hariiroo kan Waaqaafikan ilmaa, hariiroo kan mucaafi kan Waaqaa akkasumas kan obbolummaa mul'isan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

4.4.2.1. Waallee Dubbii Hariiroo Mucummaa Mul'isan

Akka sirna waaqeffannaa Qaalluu Duumessaatti akkaataan adeemsi waaqeffannaa amantootaafi Waaqaa gidduutti taasifamu kana amala abbummaafi amala mucummaa qabudha. Haaluma kanaan waalleen dubbii Qaalluu Duumessaa keessatti kadhannaan amala mucummaa mul'isan akka itti aanutti qaaceffameera.

(19)

140. Siinan oola, siinan bula Abbaa koo

142. Haati koo sii Abbaan koo siigooftaa koo

Akkuma (19) 140fi142 irratti dhiyaatetti, fayyadamni afaanii kadhannaa amantootaa kana keessatti mul'atu Waaqni isaanii akka Abbaatti kan isaan gargaaru ta'uusaa nuhubachiisa. Kunis amantoonni Waaqa isaanii akka abbaafi haadhaatti fudhachuun, waaqasaanii yeroo jajatan kan agarsiisudha. Waallee dubbii kana keessatti jaalalli amantoonni Waaqa isaaniif qaban jaalala abbaafi haadhaaf qaban irra kan caalu ta'uu hubanna.

4.4.2.2. Waallee Dubbii Hariiroo Abbummaa Mul'isan

Akka waallee dubbii Qaalluu Duumessaa keessatti, hariiroon Waaqxi amantootawaliin qabu hariirooabbummaakan agarsiisuha. Fayyadamni afaanii dhimma kanawaliin wal qabatu kan agarsiisu ragaalee armaan gaditti argaman keessatti dhiyaataniiru.

(20)

146. *Maaltu maqee; maaltu jallatee; natti watwaatta gudoo?*

145. *Hin watwaatiin rabbi! jedhi.*

Haaluma (20) 146fi 145 irratti dhiyaateen, waalleen dubbii Qaalluu Duumessaa maaltu maqee; maaltu jallatee; natti watwaatta gudoo? jedhu kun Waaqxi akka tiksee amanamootti hordoftoota isaa eega. Kanaaf waallee dubbii kana keessatti maaltu bade, maali dhibdeen kee, maali rakkoon kee mucaa koo jeddhee amantoota gaafachuun, isaa amantoota ija marartee ykn ija jaalalaan ilaalu akka ta'etti fudhatama. Haaluma kanaan (20) 145 irratti hinwatwaatiin rabbi! jedhi jechuun, akkuma waallee dubbii kanarraa ml'atutti Waaqni tiksee amanamaa ta'ee amantootaaf abdi ta'uu agarsiisa.

4.4.2.3. Fayyadama Afaanii Hariiroo Obbolummaa mul'isan

Hammuma dhalli namaa Waaqayyoo/Rabbi waliin qunnamtii qabuun, "Ebeluun kun Rabbiin beeka ykn Rabbiin jaalata" jedhu. Namni Waaqayyoo nama gochaadhaan jiruufi jireenya isaa keessatti hojii gaarii dhala namaaf ooledha. Fedhiin Waaqayyoos dhalli namaa walii waliisaaf gaarummaa akka qabaatu ykn waan gaarii waliif yaaduun fedha Waaqayyooti. As jalatti waa'ee maalummaa Waaqayyoo kaasuuf osoo hinta'iin, yeroo baay'ee hariiroon dhala namaafi Waaqayyoo akka hiriyyummaatti yeroo haasa'amu waan dhagahamuuf hiriyyummaan dhala namaafi Waaqayyoo akkamittii mul'ata isa jedhu ilaaluudha.

(21)

78. *Asiif achi laaloodha*

79. *Laaloo fardi irraa hinbuune hoo*

80. *Maaree ya haadha koo maloo?*

81. *Aniif atis haadhoodha*

82. *Haadhoo walirraa hinduuneehoo*

91. *Si yaade fayyaaf nagaan*

92. *Giddiin sibiraa gala hoo*

Akkuma (21) 78fi79 irratti dhiyaatetti, gaaleen ‘Asiifi achi laaloodhaa’ jedhu as keessatti gosa malleen dubbii ykn sadoonii emitheen kan dhiyaatanidha. Kunis jechi asfi achi jedhu yaada waliif faallaa mul’isanidha. Yaadni jeekkarsa ykn weedduu kana keessatti dhiyaate waliin yoo ilaalaman immoo fayyadama afaanii hariiroo obbolummaa Maaramiifi amantootaa gidduutti mul’atu agarsiisu. Haaluma (21)80 irratti dhiyaateen, “Maaree yaahaadhakoo maloo?” gaaleen jedhu immoo, fayyadama afaanii Waaqummaa Maaram mul’isuu yoo ta’u. (21) 81fi 82 irratti immoo, qunnamtiin Maaramiifi amantootaa akka obbolummaatti ilaalamuun, yaada gaarii kan obbolummaan walirraa qabu sirraa qabna ayyaanakeetiin nubira dhaabbadhu jechuu agarsiisa. Akkuma (21) 91fi92 irratti dhiyaate, fayyadamni afaanii as keessatti mul’tu immoo, amantoonni Maaramiin nagaafi fayyaa gaafachuufi ayyaanni ishees osoo isaanirraa fagaachuu baate fedha isaanii tahuu ibsachuu isaaniiti.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti yaada waliigalaa qorannichaacuunfuun dhiheessuu, argannoo qorannicharraa arganme lafa kaa'uufi yaboo qorannichaa ibsuu kan ofkeessattihammataudha. Isaanis hojii qorannichaa irratti hundaa'anii yaadota kan bu'uureffachuun kan kaa'amaniidha. Haaluma kanaan mata dureen qorannichaa “Waallee DubbiiIjaarsa Eenyummaa keessatti Qaaccessa Fayyadama Afaanii Hordofoota Qaalluu Duumessaa” kan jedhu yoo ta’u, akka warra qaalluutti fayyadamni afaanii eenyummaa amantii Qaalluu Duumessaa ijaaruufi ibsuu keessatti maal akka fakkaatu kan ilaalaman yoo ta’u, akka waliigalatti cuunfaa, argannoofi yaboon haala armaan gadiitiin taa’anii jiru.

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun boqonnaa shan jalatti qoodamee kan taa’e yoo ta’u, boqonnaan jalaqabaa seensa: kan qabuufi seensa jalatti seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, barbaachissummaa, daangaafi hanqinni walduraa duubaan kan qabu yoo ta’u, Boqonnaa lammaffaa jalatti immoo sakatta’a barruu walfakkiifi sakatta’i barruu yaadrimee qorannoo kana faana walqabatan sakatta’amaniiru. Boqonnaan sadii malleen qorannoo kan of jalatti qabuufi as jalattis saxaxa qorannichaa, mala qorannichaa, iddattoofi mala iddatteessuu, meshaalee funaansa raga kanneen dhimma ittibahaman waaraabbii yoo ta’u, bifa kanaanis waraabbiin odeeffannoon funaanameera. Boqonnaan afur qaaccessa ragaalee waraabbiin funaanaman hariiroo fayyadamni afaanii warra qaalluu gama eenyummaa amantootaafi amantii ijaaruun qabu, akkasumas walitti dhufeenya aangoo waliin qabus ibsameera. Boqonnaan dhumaas, cuunfaa, argannoofi yaboo kan of keessaa qabuudha. Haaluma kanaan kaayyoo qorannichaa waliin walqabsiifnee yoo ibsinu, waalleen fayyadama afaanii keessatti hordofoota qaalluu duumessaa biratti kallattii garaagaraatiin kan mula’atu yoo ta’u, innis eenyummaa amantiifi amantootaa ijaaruu keessatti gahee kan qabuufi namoonni waallee san kallattii garaagaraatti hiikuun dhimma kan itti bahaniidha. Fayyadamni afaanii bakkafi yeroo irratti hundaa’uudhaan haala garaagaraatiin kan mul’atu yoo ta’u, mana amantaa warra qaalluu duumessaa keessatti waaqa ittiin kadhachuu, jireenya isaanii gara fuulduraa kallattii qabsiisuufi safuufi aadaa hawaasichaa eeguu keessatti haala garaagaraan dhimma kan itti bahaniidha. Kun immoo haala eenyummaa amantaafi amantootaa ijaaruu danda’uuniidha. Walitti dhufeenyi afaaniifi aangoo gama eenyummaa amantiifi eenyummaa amantootaa ijaaruu keessatti kan mulatu ta’uufi kunis afaanitti dhimma bahuun waa’ee isaanii, kaayyoo isaanii, bu’aa isaan hawaasa keessatti buusaa jiran, karaa ittiin amantoota waliin waliigalaniifi kabajni godhamuuf karaa ittiin ibsatan waan ta’eef, fayyadamni afaanii aangoo eenyummaa amantiifi eenyummaa amantootaa ibsuu keessatti gahee olaanaa kan qabuudha.

5.2. Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffameen booda argannoo mataa isaa qabaata. Argannichi immoo adeemsa garaagaraa keessa darbuun qorataan odeeffannoo funaannatee, xiinxalee yookiin qaaccessee waan haaraa yookiin yaaxina haaraa argachuu yookiin immoo rakkoo tokko furuu danda'a. Kan kan raawwatu immoo argannoo isaa irratti hundaa' eeti jechuudha. Haaluma kanaan argannoon qorataa kanaas haala armaan gadiitiin kan taa'aniidha.

- Fayyadamni afaanii eenyummaa amantootaafi amantii agarsiisu kallattii garaagaraan mul'achuufi itti gargaaramuu.
- Fayyadamni afaanii kadhannaa amantootaan gaggeeffamu akka fala rakkoo yookiin hanqina tokkoof furmaata ta'uutti fudhatamuu.
- Fayyadamni afaanii hordoftoota Qaalluu Duumessaa biratti mul'atu rakkoof fala barbaaduu, dhukkubaaf kadhachuun eenyummaa amantootaa agarsiisuu, Fayyadama afaanii qaalluu sanaa irratti hundaa'uudhaan dhukkuba garaagaraatiif illee qoricha kan barbaadan ta'uu
- Fayyadama afaanii keessatti jechoonni warri qaalluu itti fayyadaman kanneen waaqeffannaafi ogbarruu Oromoo waliin walitti hidhamiinsa qabu ta'uu.
- Fayyadama afaanii keessatti waalleen dubbii eenyummaa amatiifi amantootaa ibsu kadhannaa, faarfannaa, aangoo Waaqayyoo mul'isuu, amala waaqayyoo mul'isuu, eenyummaa waaqaa agarsiisan garaagarummaa kan qabuufi haala garaagaraan kan dhimma itti bahaman ta'uu.
- Fayyadamni afaanii warra Qaalluu Duumessaa keessatti mul'atu walitti dhufeenya amantootaafi amantii kan ijaaruufi cimsu ta'uu hubatameera.
- Fayyadamni afaanii eenyummaa amantootaa ibsan, namummaa namaaf kabaja kan kennan, walitti dhufeenya amantootaafi amantii kan dagaagsan, ulfina waaqayyoofi qaalluu kan ibsan, tokkummaafi walqixxummaa namootaa kan agarsiisaniifi barsiisan, namoota gaddarraa, sodaarraa, dhiphuu irraa kan boqochiisaniifi waan gaariifi tasgabbi kennuuf kan keessatti uumaan, safuu amantootaafi amantii kan eegan achi keessatti argamuun qorannoo kanaan bira gahameera.

5.3. Yaboo (recommendation)

Qorannoon gaggeeffame tokko kaayoo mataa isaa qaba. Kunis akkuma armaan olitti ibsaamuuf yaalametti yaaxina (beekumsa haaraa) fiduu yookiin rakkoo gama garaagaraatiin mulate tokkoof furmaata barbaaduudha. Kunis kan ta'uu danda'u immoo argannoo qorannichaa irratti hundaa'ameeti. Qorataan kunis argannoo qorannicha irraa argame irratti hundaa'uudhaan kanneen yaboo qorannoo kana ta'u jedhu haala armaan gadiitiin eereera.

- ✓ Jechoonni fayyadama afaanii weedduu Qaalluu Duumessaafi himtee(dubbii waaqaa keessatti mul'atan jechoota haadhoo bu'uura Afaan Oromoo waan ta'aniif waaltina afaanii keessatti osoo gargaaramanii gudina Afaan Oromoof bu'aa buusuu danda'a.
- ✓ Fayyadamni afaanii naannoo mana amantiitti dhimma itti bahaman kanneen aadaa hawaasichaa barsiisan, tokkummaafi walitti dhufeenya hawaassummaa cimsan, safuufi waan gaarii ta'e barsiisan waan ta'aniif namoonni bakeewwan irrgareeffannaafi duudhaalee garaagaraatti osoodhimma itti bahanii kan gargaaru ta'uu mul'isa.
- ✓ Hayyoonni garaagaraa dhimma kanaafi kan fakkaatan irrattiqorannoo adeemsiisuun fayyadama afaanii manneen amantaa garaagaraa keessa jiru duudhaa hawaasaatiin walqabsiisanii osoo qoratani bu'aan caalu argamuu danda'a.
- ✓ Fayyadamni jechoota dachaafi jechoota haaraa dalaga qaalluu Duumessaafi himaamsa keessatti mul'atan aadaa hawaasaa ibsuurratti qooda waan qabaniif qabiyyee barnootaa keessatti osoo hammatamanii gumaacha guddina afaaniif qabaachuu danda'a.
- ✓ Biiron aadaafi Tuurizimii aanaas ta'ee kanneen biroo jechamootaafi dubbii dachaanaannoo kanatti mul'atan galmeessuun dhaloota boruuf ol kaa'uun guddina Afaan Oromoofi duudhaa Oromoo guddisuuf gumaacha guddaa argamsiisa.
- ✓ Hayyoonni Afaan Oromoofi dhimma Oromoo irratti hojjatan beekumsa naannoo kana jiru qindeessanii osoo ifa baasanii hojii isaanii keessatti itti fayyadamanii guddina ogbarruu Oromoof gumaacha guddaa ta'a.
- ✓ Miidiyaaleen dhimma Afaan Oromoofi Oromummaa irratti hojjatan amantaa duudhaa faana walqabsiisanii osoo ifa baasanii namoonni wa'ee isaa hinbeekneefi sababa bakka hundatti hin arganneef beekumsa bal'aa hawaasni irraa argachuu danda'a.

WABII

- Abrahaam Tasammaa.(2004). *Barnoota Seena: Kitaaba Dabalataa kutaa 5-8* Finfinnee: Artistic Printing Enterprise.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo hujoo*. Finfinnee: Effecience
- Addunyaa Barkeessaa. (2018). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*: Finfinnee:Oromiyaa. Maxxansa (2ffaa), Finfinnee: Efficient printing press.
- Alamuu Birhaanuu .(2017). *Lallaba: Qopheessuufi Dhiyeessuu*. Aayira: Jaarmiyaa Ogbarruuu Utuu Dhaamsanii Boba'u. Finfinnee : Asteer Gannoo.
- Alamuu Waggaarii. (2009). *Abidda utuu Dhaamsanii Boba'u*. Finfinnee :Islabaa Puplishing
- Amsaaluu Taaddasaa.(2005). *Barattummaa*. Finfinnee:Finfinnee Printing and Puplisher S.C.
- Asafaa Tafarraa. (2009)*Eelaa: Seena Oguma Oromo*.Finfinnee Far East Trading Plc.
- Beekaan Gulummaa. (2015). *Tuujuba: Saayinsii Dandeettii Afaanii*.Finfinnee: ELLEN.P.plc
- Birhaanuu Maatiwoos.(1999). *Fundamentals of literature.3 rd Edition*. Addis Ababa: AddisAbaba University press.
- Brown and Yule, G. (1983).*Discourse Analysis* Newyork: Cambrigde University Press.
- Cooper, L and Nahum, F (1976) “*Language In The Court*” In *Bender, M.L.etal. (eds) In Ethiopia*.London: Oxford University Press, 256-263)
- Crystal, D. (1997). *Dictionary Of Linguistics (4th edition)* Oxford UK:Blackwell.
- Diisan Mandiid.(2005). *Dhugichi Isa Kana*. Finfinnee:BLLI.
- Dijk.v, (2001).*Critical Discourse Analysis*.Uk :Black well.
- Dirribii Damusee.(2016). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsaafi SeenaOromoo*.Finfinnee:Islaba Puplishing
- Dirribaa Ayyelee.(2016). *Faarfannaafi Tajaajila Faarfannaa*. Finfinnee.
- Eller D, (2007).*Introducing Anthropology Of Religion*. Uk:Routledge.
- Fairclough, N. (1995). *Critical Discourse Analysis: The Critical study of Language*:London.Longman.
- Fufaa Dhasaa.(2017). “*Qaaccessa Waallee Dubbii Mana Murtii Keessatti*” Yuunivarsiitii Finfinneetti: Waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxanfame).

- Gabii Tusuu.(2017). “*Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo Hordoftoota Amantaa Islaamaa biratti*”Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (kanhinmaxxanfamin)
- Gammachiis Zawudee .(2016). “*Xiinxala Haasbarruu FAayyadama Afaan Oraomoo ManaMurtii Keessatti.*” Yuunivarsiitii Addis Ababaa; Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxanfamin)
- Gisillaa (2017.) *Mata dureen Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo Faaruu Amantaa Ortodoksii Keessatti*”Yuunivarsiitii Addis Ababaa; Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa.(Kanhinmaxxanfaamin)
- Gumii Waaqeffannaa Addunyaa, (2018).*Waaqeffannaa: Dhugeeffata Uummata Kuush Ganamaa*: Norway
- Harms, H.(2007). *Seenaa Waldaa kiriistaanaa Gabaabatti Kutaa II.*Aayira: Jaarmiyaa Ogbarruu Asteer Gannoo.
- Jan, R.(2009). *Discourse, ofcourse.* Amserdam/Philadelphia: John Benjamins puplishing company.
- Maarqos Guyyaasaa.(2016). *Ibsa Bal’aa kennuudhaan Lallabuufi Barsiisuu.* Finfinnee: Adler Printing press.
- Maatii Sabaa .(2006). *Daaniyaa*: Finfinnee
- Macaafa Qulqulluu.(1997). *Afaan Oromoo Hiikaa Iffaa waggaa Araaraa Bara 1997.* Finfinnee: Waldaa Macaafa Qulqulluu Itoophiyaa.
- Mallsaachoo Masfiin. (2007). *Maalummaa Waaqayyoo: Barsiisa Macaafa Qulqulluu*: Finfinnee Andinnet Printing.
- Ministeera Barnoota Itoophiyaa.(2011). *Barnoota Hawaasaa: Kitaaba Barataa Kutaa 8.*Indi:UBS Puplichers and Distributors pvt.
- Moore, A. And Scott, M .(2007). *Realism and Religion: Philosophical and Theological Perspective.*UK.: Ashgnate Pupliching Company.
- Negaso Gidada. (1984). *History of the Sayyoo Oromoo of South Western Wallaga Ethiopia from About 1730 to 1886.*Frank Furt. Oromiyaa . Eleenip. p p L
- Neri,Z.(2005). *Qofoo Lubbuu Keenyaa.* Uganda:Jacro Puplichers.
- Nugusaa Dassaalanyi.(2008). *Macaafota Kakuu Moofaa Sakatta’uu.*(Kan hinmaxxanfamin) Kolleejjii Macaafa Qulqulluu Horroo Guduruu Wallaggaa.
- Qorichee Gaarummaa.(2007). *Qaaccessa Qabiyyee, Uunkafi Fayyadama Afaan Oromoo*Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxanfamin).
- Schiffrin, D.(1994). *Approaches to Discourse Analysis.* London:T.J Ltd Padstow corn Well.

- Schiffrin, D Tannen, D and Hamilton.H.E.(2001). *The Hand Book of Discourse Analysis*.USA: Black well Puplishers Ltd.
- Tasammaa Aagaa, (2010). *Qaaccessa Waallee Lallabaa: Xiyyeeffannaan Afaan Oromoo Waldaa Guutuu Wangeelee Shaanbuu Irraatti Waraqaa Qorannoo Digirii Lmmaffaa* (kan hin maxxanne)
- Tarruu, (2015).*Waaqeffannaa: amantii Duudhaa Ganamaa*. Finfinnee, Oromiyaa
- Tasgaraa Hirpoo.(1999). *Abbaa Gammachiis*.Finfinnee: Jaarmiyaa Ogbarruu Asteer Gannoo.
- Teun,A and Dijk, V.(2004). *Ideology and Discourse*. *Barselona*: Pompeu Fabra University.
- Toleeraa Tasammaafi Hundaasaa Waaqwayyaa. (1995). *Seenaa Saba Oromoofi Sirna Gadaa*.Finfinnee: Bole Printing Enterprise.
- Waldaa Amantoota Guutuu Wangeelaa Itoophiyaa. (2007). *Barsiisa Hundee Amantii Kirstaana*. Finfinnee: Rehobot printers.
- Wodak. (2001). *Methods of Critical Discourse Analysis*.London:Saga.
- Wodwak and Meyer .(2001). *Methods of Critical Discourse Analysis*. London: Sage puplisher Ltd.

Dabalee (A)

Dalaga Torbii Duumessaa Irratti Mudde, 11/2011 Qorataan Waraabe

1. somboo dhooqaa
2. Hirkoo doofaa
3. Waahimaa nagaan ooltee?
4. Hirkoo hiyyeessaa
5. Ya abbayyee Duumee
6. Sanyii warra Garbaa
7. Isa siidaan tarree
8. Hirkoo hiyyeessaa
9. Duumeeyee nagaan ooltee?
10. Torbii buunaa ya ayyookoo torbii buunaa
11. Torbii leenci rabbii marmaare hoo
12. Torbii buunaa ya ayyookoo torbii buunaa
13. Torbii keettan si argee marmaarehoo
14. Torbii buunaa yaayyookoo torbii buunaa
15. Torbii keetuu caalaa marmaare hoo
16. Sanyii samareetaa
17. Harka guutuu darbuu
18. Yabbayyee Duumee
19. Sanyiiifuu bareedaa
20. Martuun gurra darbuu
21. Yaayyoo koo torbii buunaa
22. Torbii leenci Duumee marmaare hoo
23. Kusaayee hoo kusaayeen kun baalaa yamaare hoo
24. Atoo teessee natti boontaa
25. Anoo dhaapheen sitti booyaa
26. Dhugaa koo moo dhugaa kee caala yamaree hoo
27. Kaleessuma dheengaddaa
28. Buliin akka naajedhee
29. Duumssaa ya'ilma rabii

29. Anoo suma eeggdhaa
30. Dubbiin akka Waaq jedhee hoo
 31. Kusaayee hoo kusaayeen kun baalaa yamaare hoo
 32. Baallee irgiftee booraa
 33. Waa naa sarartaa laataa?
 34. Giddoo yagalaana koo
 35. Jiishaa naggarraasa kooa
 36. Baay'ee nadhibeen boohaa
 37. Waa naa nagartaa laataa?
 38. Kusaayee hoo kusaayeen kun baalaa yamaare hoo
 39. Qabaroon guyyaa yaatii
 40. Booyyeen dur waraabessaa
 41. Nagaroon guyyaa waaqi
 42. Booyeen suma raatessaa
 43. Naannayee naannaatuuree maareekoo yoona?
 44. Naannayee naannaatuuree Giddoo koo yoona?
 45. Jilbaanan adeemaa
 46. Waahimaa kajeelaa
 47. Waan naa malu hinbeekan hoo
 48. Hataatu jirbii footii
 49. Jirbii qanxabaa footi
 50. Haataatu hixii kootii
 51. Hixii ganamaa kooti
 52. Bullaalln cillaanfatee
 53. Kiraaratti naamarii
 54. Jiishaa ya galaana koo
 55. Maaf nairraanfate
 56. Hilaalatti naa bahi
 57. Daalle buunaa biyyaa oofa darii
 58. Hinsagannaa warri moofan xurii
 59. Gaariin mana kee turi hoo

Dabalee (B) Dalaga Torbii Duumessaa Irratti Amajjii, 11/2011 Qorataan Waraabe

60. Jalde buunaa biyya oofa darii
61. Ciccitteetti fuuloon fardaa
62. NuU gamteetti maal nuu maltaa?
63. Okaa kalaaxee ormaa kanaatee
64. Anoo maassanaa jiraa!
65. Hidhaa laga dhaabaa biyya oofaa daree
66. Fiigaa nama yaabaa Duumeetti hinbeekanihoo
67. Kan akka kee hinagarree biyya Oofa darii
68. Sagaleen dhagahee biyya Oofa daree
71. Duroo siwaamaa, har'a maafa dhiisaa waamii keehoo?
72. Kaleessuma dheengaddaa buliin akka naan jedhehoo
73. Duume ya galaana kooo
74. Jiishaa nabse abbaata koohoo
75. Taa'een suma eeggadhaa
76. Xuuriin bara Waaq jedhehoo
77. Duroo siwaamaa, har'a maafa dhiisaa waamii keehoo?
78. Asiif achi laaloodha
79. Laaloo fardi irraa hinbuune hoo
80. Maaree ya haadha koo maloo?
81. Aniif atis haadhoodha
82. Haadhoo walirraa hinduuneehoo
83. Duroo siwaamaa, har'a maafa dhiisaa waamii keehoo?
84. Baddaarran gasaangasaa
85. Baddaan qullibii hinqabuuhoo
86. Duume guduunfaa hiyyeessaa
87. Fayyaa natti caalchisii
88. Fayyan dhukkubbii hinqabu hoo
90. Duume guduunfaa hiyyeessaa

91. Si yaade fayyaaf naga
92. Giddiin sibiraa gala hoo
96. Ya leenca suurraan saafaa hoo
102. Gduru Qobboof naatee
103. Horroo Bulluqiif naatee
104. Maaf naa rifannaa diddeehoo?

Dabalee (C)

Dalaga Torbii Duumessaafi Himtee (Dubbi Waaqaa) Ayyaantuun Himamu Kan Gurraandhala, 11/2011 Qorataan Waraabe:

105. Raafuu cooma sii godha,taliila daadhii sii godha
- 106.Homaa hintaatu hinsodaatiin
- 107.Hamma qabbanoofta ho'ita
108. Hindadhabu madaalliirran jira
109. Dhugaan Waaqaa suuta deema
110. Bahaa baqaqsii gidduu bahii baqadhu
- 111.Gufuun hinjiru,gufaanni hinjiru
- 112.Hinwatwaatiin rabbi jedhi gudoo!
- 113.Kanaan rabbii salganiin sii kadha
- 114.Afuura qal'oosheen sii erga
- 115.Habaaboo afaan baafatte nagaafadhuu
- 116.Biqilaafi geeshee sii kadhada
- 117.Araaran dhufa hinyaadda'iin
118. Jalqaba jalqabii afuura ittibaafadhu mangadaarra buusii,ateetenboroo koo mangadaarra naa bu'i jedhi
119. Gingilchaa keessaan biiftuu ilaaliitii seerasaati jedhi, kanaan waaqa sii kadha
120. Ulumaayii mataan hincinne guyyaa gabaa Horroo boroo keetti suuqqadhu
121. Jajjaba,abbayyii aduu kamisaa of jala bulchii Jimaata iddoo wallaalaan hingenyetti gati.
122. Diffii lama guduunfii lama hiikii afuura itti baafadhuu baqadhu.
123. Biyyoo xuqaa bitaan mirgaan fuudhiitii guyyaa roobii ittiin tuqsiisiitii iddoo wallaalaan hingenyetti gati.
124. Faxaraa koo unadhu
125. Qoricha abashaa unadhu
126. Hundee kalaalaa
127. Kichuu nafuroo
128. Shinii kataba diimaatiin unadhu
129. Dheedhii dammaa

130. Sunqoo durbaa
131. Barruu keerra kaa'ii liqimsi
132. Muka bakakkaan dhahe, Qaqawwii qaqqaammadhu
133. Hoomii, harbuu, hiddama qaxaloo, bishaan lafa hulluuqeen biqiltoota
134. Guyyaa Jimaataa billiitii kee lolla'dhu biqiltoota
135. Waratii nyaadhuutii itti` tuttufi biqiltoota
136. Maali kun hunduu raasaan kun? ?
137. Maalisheen bishaan daaktu?
138. Hundumaa dandeessa gooftaa koo?
139. Hojjetaa barruu baalaati moo?
140. Siinan oola, siinan bula?
141. Bishaan koofi midhaan kootu dhume moo?
142. Haati koo sii abbaa koo sii?
143. Colleen kee nafaana jira abbaa koo?
144. Gumaa koo naa barbaadi gooftaa koo
145. Ati qabduu keetiin naa qabi kaa yaa Duumessaa Rabbii! ?
146. Maaltu maqee maaltu jallatee natti watwaatta?
147. Dhagaa gurraattii sii eebbisaa?
148. Handaaqqoo gurraattii guyyaa Dilbataa mataasaarra naannessiitii; afuura itti baafadhuutii gadhiisii; seerasaati.jedhi.
149. Cilalluuguyyaa Kamisaa ittikudhaamiiti Jimaata irraa hiikiitii iddoo wallaalaan hingeenyetti gati.
150. Faantoo lafatti, mataa waaqitti siikadha hinyaaddahiin
151. Afuura qal'ooshee siierga
152. Araaran dhufa
153. Faantoo lafatti
154. Mataa waaqitti
155. Iyyooshee hoo
156. Fayyaan si kadhaa xinnooshee hoo
157. Mana kee duubaan cuftee
158. Maalif ol na seensiftee?

159. Ya nama Qaalluu baatuu
160. Jajjabaadhu anaa nyaatuu
161. Jajjabaatanii baatu
162. Ya Maaram ya Maaram
163. Ati turraan na dhaananii
164. Ati dhufnaan na maaranii
165. Hrkoo hiyyeessaa
166. Hirkoo gaalamootaa
167. Duume dhirsa Booranaa
168. Nooruu galma kee dhufee
169. Jawwee kee irreeffadhee
170. jawwee na sirreeffadhu
171. Coqorsaan irreeffadheen
172. Coqorsa loowaa lolii

Dabalee ‘D’

Yuunuvarrsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi Quunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Gaaffilee afaanii caasaa mana waaqeffannaa Qaalluu Duumessaafi bulteewwan Qaalluu Duumessaaf dhiyaate.

Kaayyoon qorannoo kanaa barnoota Afaan Oromoo, ogbarruufi fookilooriitiin digirii lammaffaa (MA guuttachuun mata duree “Waallee Dubbii Ijaarsa Eenyummaa Keessatti: Qaaccessa Fayyadama Afaanii Hordofoota Qaalluu Duumessaa” jedhu ilaalchisee ragaa funaanuudha. Odeeffannoon gaaffilee armaan gadii bu’uura godhachuun isin irraa argamu qorannoo kana guutuu akka taasisu amanama. Kanaafuu hiika weedduuwwaniifi himtee (dubbii Waaqaa) Ayyaantuun dubbatamu kana hubannoo qabdan irratti hundaa’uun odeeffannoo dhugummaafi amanamummaa qabu akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Maqaa_____

Koorniyaa_____

Umurii_____

Ganda_____

Gahee hojii_____

1. Jawwee keef irreeffadhee; Jawwee naa sirreeffadhu jechuun maal jechuu dha?
2. Coqorsaan irreeffadheen; Coqorsa looyi lolaa jechuun maal jechuudha?
3. Dhagaa gurraattii sii eebbisaa jechuun maal jechuudha?
4. Warajoo hidhadhu jechuun maal jechuudha?
5. Gingilchaa keessaan biiftuu ilaaliitii seerasaati jedhi jechuun maal jechuudha?
6. Ulumaayii mataan hincinne boroo keetti suuqqadhuu jechuun maal jechuudha?
7. Qoricha habasha unadhu jechuun maal jechuudha?
8. Faxaraa koo fudhadh jechuun maal jechuudha?
9. Jalqaba jalqabii mangadaarra buusi jechuun maal jechuudha?
10. Bahaa baqaqsii jidduu bahii baqadhuu seera isaati jedhi jedhi jechuun maal jechuudha?

11. Diffii lama guduunfii lama hiikii afuura ittibaafadhu baqadhu jechuun maqadhu jechuu ?
12. Afuura qal'oo ishee sii erga jechuun maal jechuudha?
13. Faantoo lafatti mataa waaqitti sii kadha hinyaaddahiin rabbi jedhi jechuun maal mul'isa?
14. Raafuu cooma sii godha taliila daadhii sii godha jechuun maal jechuudha?
15. Colleen kee na wajjin jira jechuun maal jechuudha?

Dabalee ‘E’

Qaaccessa Waallee Dubbii Weedduuwanfi Himtee Qaalluu Duumessaa irratti Odeef kennitoota dhiyaatan

Lak.	Maqaa guutuu	Saala	Umurii	Ganda	Gosa hojii	Gosa odeeffan noo	Guyyaa raawwat ame
1	Gaddafaa Gaaddisaa	Dhi	37	Cambe	Ayyaantuu	Himtee	25/05/2011
2	Gaaddisaa Suufaa	Dhi	65	Cambe	Bultee	Weedduu	25/05/2011
3	Lammeessa Abbabaa	Dhi	55	Cambe	shanee	Weedduu	25//05/2011
4	Dinqiisaa Irranaa	Dhi	63	Cambe	Mata qaboo	Himtee	/03/2011
5	Qalbiishee Bultoo	Dubartii	60	Abbillee	Bultee	Weedduu	11/03/2011
6	Dirribee Yaadataa	Dubartii	50	Akkaajjii	Bultee	Weedduu	30/05/2011
7	Fqaaduu Dhaabaa	Dhi	69	Doogano	Shanee	Himtee	30/05/2011
8	Baqqanaa Namee	dhi	72	Cambe	Shanee	Himtee	30/05/2011
9	Filee Dheersaa	dhi	60	Cambe	Shanee	Weedduu	30/06/2011

Ibsa (Declaration)

A. Ani qorataan/ttuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uusaa; kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta’uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haa seera qabeessa ta’een fudhadhee; wabii keessattis kaa’uu koo nan mirkaneeffadha.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

B, Barataa_____waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi of ittisuuf (defense) muummeef galchuu danda’u isaa ani gorsaan mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____